

**QAACCESSA GAHEE DUBARTOONNI SIRNA GADAOROMOO
MACCAA KEESSATTI QABAN: GODINA SHAWAA LIXAA
AANAA DANDII IRRATTI KAN XIYYEEFFATE**

GIRMAA HAYILUU FAYYISAATIIN

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA
(MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUUN GUUTTACHUUF
QOPHAA'EE**

**YUNIVARSIITHII ADDIS ABABAA
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA
JORNALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGBARRUUF FOOKLOORIIF
KAN DHIYAATE**

**HAGAYYA 2011/2019
FINFINNEE, ITOOPHIYAA**

Qaaccessa Gahee Dubartoonni Sirna Gadaa Oromoo

Maccaa Keessatti Qaban: Godina Shawaa Lixaa

Aanaa Dandii Irratti Kan Xiyyeeffate

Girmaa Hayiluutiin

Gorsaan: Taaddasaa Jaalataa (PhD)

**Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Gamisaan
Guuttachuuf Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii
Yunvarsitii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo
Afaanootaa Jornalizimiifi Qunnamtii Muummee Afaan
Oromoo, Ogbarruufi Fookilooriitiif Kan Dhiyaate**

**Hagayya 2011/2019
Finfinnee, Itoophiyaa**

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraa Booda

Waraqaa Qorannoo digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu gamisaan guuttachuuf Girmaa Hayiluutiin, mataa Duree: **“Qaaccessa Gahee Dubartoonni Sirna Gadaa Oromoo Maccaa Keessatti Qaban: Godina Shawaa Lixaa Aanaa Dandii”** Irratti xiyyeeffate dalagamee sadarkaa madaallii Yuunivarsiitiin kaa’e guuteera.

Koree Qormaata

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa Keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Itti gaafatamaa muummee yookiin qindeessaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

Axereera

Kaayyoon qorannoo kanaa, gahee dubartoonni sirna Gadaa Oromoo maccaa keessatti qaban: kan godina shawaa lixaa aanaa Dandii qaaccessuudha. Qorannoon kana gaggeessuuf wanti qorataa kakaase hawaasa kana keessatti dhaladhee waanan guddadheef dhimma gahee dubartoota ijoolumarraa kaasee hordoofutuu gaaffii natti ta'a ture. Inni lammaffaan ammaan argee dubbisetti mata duree kanarratti qorannoon kallattiin irratti gaggeeffame hinargine waan ta'eef mata duree kanarratti qorannoo akkan hojjedhuuf nakaakase. Akkasumas, qorannoowwan kanaan dura sirna Gadaa irratti hojjataman waa'ee buuta qaluu, dhugoo baasuu malee, gahee dubartoota kan tuqanii hinargine. Kanaaf, qorannoon kunis qaawwa kana duucha. Kunis haala gaahe dubartootafi faayidaan sirna Gadaa hawaasa biratti maal akka fakkaatufi rakkoo gahee dubartootaatiin walqabatan adda baasuudha. Maddi ragaa qorannoo kanaa madda takkoffaafi lammaffaati. Maddi raga tokkoffaa kunis odeefkennitoonni qorannoo kanaa adda durummaan manguddoota, abbootii Gadaa Oromoofi hojjetoota waajjira Aadaafi Tuurizimii aanaa Dandii kanneen waa'ee sirna Gadaa irratti muuxannoo gaa'aa qaban keessaa mala iddatteessuu kaayyeffataa (purposive sampling)fi darbadabaarsaa fayyadamuun filatamanii jiru. Ragaa qorannoo kanaaf oole funaanuufis afgaaffiifi daawwannaatii fayyadameera. Ragaaleen meeshaalee kanneeniin funaanaman mala qulqulleeffataati fayyadamuun qaacceffameera. Dabalataanis, ragaa qaacceffameerratti hundaa'uun hawaasa biratti gaheen dubartoota sirna Gadaa keessatti faayidaa akka qaban qorannoon kun nihakeeka. Dhumarrattis, argannoowwan gurguddoon qorannichaa akka ibsanitti gaheen dubartootni sirna Gadaa Oromoo keessatti qaban yeroo abbaan Gadaa Gadaa qaluu biqilaafi Aannaan qabatee duudhaa guutii, Nyaatafi dhugaatii keessaas qooda qabu. Bakka sirni Gadaa itti gaggeefamus wajjiniin deemu. Akkasumaas dhiichisuun sirnicha ho'isu, seerota tumaman hojitti hiikuuf ofqopheessu, ergaa abbootiin Gadaa dabarsan hojii irraa oolchuu. Hidda dhalootaafi seenaa isaanii wayitii dubbatamu nibaraatu. Akkasumas hojii artii cimsuu, midhaksuufi gabbisuu keessatti qooda olaanaa qabu. Keessattuu haadha waarran abbaa Gadaafi gurra urtuun gahee guddaa kan qaban ta'uu isaanii qorannoon kun kan agarsiisedha. Haaluma kanaan qorannoo kana boqonnaawwan shanitti qooduudhaan mata dureewwan gurguddaa kanneen akka ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, mala qorannichaa, qaaccessaa ragaalee, argannoofi yaboo qorannichaa qabachiisuudhaan qopheessuu yaaleera.

Galata

Duraan dursee hojii qorannoo kootii kana wixineerraa kaasee hamma dhumaatti seeraan tartiiba isaa eegee akkan hojjedhuuf yaadaafi ogummaa isaaniitiin nuffee, dadhabee otoo hinjedhiin nadeeggaraa, nagorsaa kan nafana dhama'an gorsaa koo Dr.Taaddasaa Jaalataatiif galanii koo guddaadha. Karaa biraatiin funaansa raga irratti suura kaasuufi sagalee waraabuun kan nagargaaraa turan hojjatoota waajjiraa kominkeeshinii Aanaa Dandii dargaaggoo Baahiluu Baaneefi Gazzahaany Abdataa dabaleen galateeffachuu barbaada.

Dabalataan, milkaa'ina hojii qorannoo kootiif hanga dhumaatti nawaliin ta'uun yaadaafi ogummaan nadeeggaruun najajabeessuun onnee natti uumteef haadha warraakoo barsiiftuu Xajjituu Guddataatiif galannii qabuuf olaanaadha. Akkasumaas, osoo umuriin hinbilchaatiin yeroon barruu sakatta'uuf odeeffannoo qaaccessuu sammuu koo kan nabohaarsan ijoolleekoo: Jiituu Girmaafi Quuftuu Girmaa baay'iseen galateeffadha. Itti aansuun yaadaafi deeggarsa maallaqaatiin naduuka bu'uun jabaadhuu jechuun kan nadeeggaraa turan obbolaawwan koo gita hojii garagaraarra jiran obboo Tasfaayee Hayiluu, dargaggoo Dajanee Hayiluufi Kabbadaa Hayiluu umurii dheeraadha wanti gaariin isiniin hindhabiin siniinjedha. Kana malees obbolootankoo warra deeggarsa yaadaa naakennuun jabaadhu naan jechaarra maddiikoo dhaabbatanii najajabeessa kan turan barataa Kilashii Hayiluu, barataa Galaa Hayiluu barattuu Caaltuu Hayiluufi Likkee Hayiluu fa'an galatoomaan jedha. Obbolaawwan koo hundi hamaan isin hinlakkaa'iin malee deeggarsi isin anaaf gootan oolmaa ani isiniif ooleef olitti waan ta'eef galata argadha. Isinis carraa kanaa olii argadhaa!

Dhumarratti, hiriyoonna koo Yunvasiitii Jimmaafi Amboo nacinaa dhaabbachuun deegarsa naaf taasisan maraan horaa bulaan jedha. Keessumattuu fiixaa ba'iinsa hojii koo kana keessatti ga'ee guddaa kan qaban yunvarsitiitii Jimmaarra Leencoo Taakkalaafi yunvarsitiitii Amboorra Taasisaa Kumsaaf kabaja onnee irraa maddennan galateeffadha. Beekumsa irratti beekumsa isinii haa baay'isu. Akkasumas, yeroo hunda gorsaan kan nabiraa hinfaganne hiriyaakoo Sisaay Magarsaa galannikoo guddaadha. Walumaagalatti namoonni fiixaa bahiinsa qorannoo kanaaf qooda qabdan hunda keessaniyyuu galannikoo isaan haaga'u jedha.

Jibsoo/ Hiikkaa Jechoota

Akkaayyoo..... Akka kaayyoo qoratichaatti odeeffattoota filachuu
Bardhibbee..... Waggaa dhibba tokko
Goodannaa..... Dhaqna qabaa
Lubaa..... Afurtamaa abba kan dhaqabee
Meedhacha..... Gogaa qal'oo luka fuuldura kormaa irraa ka'u, kan qadadduun irraa baasee
harka lubaatti keewwisu.

Baafata Suura

Qabiyyee

Fuula

Suura 1: Suura afgaaffii ittigaafatama waajjira Aadaafi Tuurizimii aanaa Dandiifi haadha Siiqee aaddee Boggaalaach wajjin afgaaffii taasifamee (qorataan 20/09/2011 kaase) agarsiisuu.	39
Suura 2: Suura hirmaattoota sirna Gadaa Oromoo Maccaa (qoratan 20/08/2011 kaase) agarsiisuu.	44
Suura 3: Suura barreessaa gumii abbooti Gadaa Aanaa Dandii irraa oddeeffannoo (qorataan 20/09 2011) guure agarsiisuu.....	46
Suura 4: Suura gumaata nyaata aadaa (qorataan 20/08/2011 kaase) mul'isuu.....	48
Suura 5: Suura yeroo gurra urtuun gurraa lubaa urtuu (qorataan 20/08/2011 kaase) agarsiisuu..	50
Suura 6: Suura yeroo haadha warran abba Gadaa foolleef shattoo kennituu (qorataan 20/08/2011 kaase) agarsiisuu.	51
Suura 7: Suura yeroo dubartoonni warra dhiiraan qixaa shonkoraa qabatanii foolleetti sirbaan (qorataan 20/08/2011 kaase) agarsiisuu.....	52
Suura 8: Suura haadha warran abba Gadaa yeroo lagaa bu'an okoleefi dhakaraa baatee wajjin lagaa buutu (kan qorataan 20/08/2011 kaase) agarsiisuu.	53
Suura 9: Suura yeroo abban Gadaa eebba kennuu (qorataan 20/08/2011 kaase) agarsiisuu.	54

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Axereera.....	i
Galata	ii
Jibsoo/ Hiikkaa Jechoota.....	iii
Baafata Suura	iv
Baafata	v
Baafata Gabatee	vii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA	1
1.1 Seen-Duubee Qorannichaa.....	1
1.2 Ka’umsa Qorannichaa.....	3
1.3 Kaayyoowwan Qorannichaa	4
1.3.1. Kaayyoo Gooroo.....	4
1.3.2.Kaayyoo Gooree.....	5
1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa.....	5
1.5. Daangaa Qorannichaa	6
1.6. Hanqinaa Qorannichaa	6
1.7. Haala Naannoo Qorannichaa.....	7
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU	13
2.1. Fookiloorii	13
2.1.1. Gosoota Fookiloorii.....	14
2.1.2. Duudhaa Hawaasa	14
2.1.3. Sirna Gadaa.....	14
2.1.4. Seenaa Sirna Gadaa Oromoo Maccaa	15
2.1.5. Faayidaa Sirna Gadaa	17
2.1.6. Goggeessa (Gosoota) Gadaa.....	17
2.1.7. Seenaa Moggaafama Maqaa Miseensota Gadaa Maccaa	21
2.1.8. Sadarkaalee Gadaa.....	22
2.1.9. Jiloota Sirna Gadaa Oromoo Maccaa Keessatti Kabajaman	28
2.1.10. Dubartootaafi Sirna Gadaa Oromoo Maccaa.....	29
2.1.11. Gahee Dubartoonni Sirna Gadaa Oromoo Maccaa Keessatti Qaban	31

2.2. Yaaxxinaalee Qorannoon Kun Bu'ureeffate	32
2.2.1. Yaaxina faayidaa	32
2.2.2. Yaaxina Aadaa Hawasaa	33
2.3. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii	33
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA	35
3.1. Saxaxa Qorannichaa	35
3.2. Madda Odeeffannoo	36
3.3. Tooftaa Iddattoofi Iddatteessuu	36
3.3.1. Iddattoo Darbaadabarsa	37
3.3.2. Iddattoo Akkayyoo	37
3.4. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo	38
3.4.1. Afgaaffii.....	38
3.4.2. Marii Garee.....	39
3.4.3. Daawwannaa.....	39
3.4.4. Qaaccessa Dookumentii	40
3.5. Meeshaalee Waraabbii	40
3.6. Naamusa Qoratichaa	40
3.7. Qindeeffamaafi Mala Qaaccessa Ragaalee yookiin Odeeffannoo	41
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE.....	42
4.1. Sirni Gadaa Oromoo Maccaa Yoomiifi Eessatti Gaggeeffama	42
4.2. Ilaacha Hawaasni Oromoo Maccaa Sirna Gadaatiif Qaban	43
4.3. Sirna Gadaa Oromoo Maccaa Keessatti Hirmaattoonni Eenyuu Faadha.....	44
4.4. Gahee Dubartoonni Sirna Gadaa Oromoo Maccaa Keessatti Qaban.....	44
4.4.1. Alduree sirna Gadaa keessatti.....	46
4.4.2. Yeroo Raawwii Sirna Gadaa	48
4.4.3. Raawwii Sirna Gadaan Booda.....	55
4.4.4. Kabaja Dubartoonni Sirna Gadaa Oromoo Maccaa Keessatti Qaban.....	56
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO.....	58
5.1. Cuunfaa	58
5.2. Argannoo.....	59
5.3. Yaboo	60
Wabii	
Dabalee “A”	
Dabalee “B”	
Dabalee “C”	
Dabalee “ D”	
Dabalee “ E”	

Baafata Gabatee

Qabiyyee

Fuula

Kaartaa1: Oromiyaafi Godina shawaa Dhihaa WBLBADfi MaddaWalaabuu Press:.....	10
Kaartaa 2: Aanaa Dandii WBAD irraa kan fudhatame.....	10
Caatoo 1: Dhaloota Addaamii hanga Kuush.....	11
Caatoo 2: Hidda dhaloota Kuushii hanga ammaa.....	12
Gabatee 1: Maqaalee (paartilee) Shanan Gadaa	17
Gabataa 2: Maqaa sadarkaalee Gadaa kutaa Oromiyaa garaagaraa keessatti.....	22

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonnaan kun kutaalee torba kan ofkkeessaa qabu yoo ta’u isaaniis: seenduubee qorannoo, ka’umsa qorannoo, kaayyoowwan qorannoo, barbaachisummaa qorannoo, daangaa qorannoo, hanqina qorannoo, qindoominaa qorannoofi haala ibsa naannootu dhiyaata.

1.1 Seen-Duubee Qorannichaa

Sabaafi sablammoota Itoophiyaa keessaa tokko ummata Oromooti. Ummanni Oromoo hortee saboota kuush keessaa isa tokko yoo ta’u, durii kaasee Baha Afrikaa keessatti ummata lafa bal’aarra qubatee jiraachaa turedha. Ummanni Oromoo seenaafi muuxannoo jireenyaa yeroo dheeraa keessatti tooftaa jireenyaafi sirna bulchiinsaa mataasaa kan aadaadhaan kuufateefi dagaagfate niqaba. Innis Sirna Gadaati. Namni tokko waa’ee maalummaa Oromoo beeku yoo barbaadan dursa waa’ee maalummaa Sirna Gadaa sirriitti hubachuun barbaachisaadha. Waa’ee Gadaa beekuun waa’ee jiruufi jireenya Ummata Oromoo maraa beeku waan ta’eef.

Sirni Gadaa, sirna uummata Oromoo biratti, beekamaa ta’ee bardhibbee hedduu dura Oromoon ittiin bulaa tureefi har’as ittiin bulaa jiruudha. Sirni kun uummata Oromoo keessaa kan ba’eefi uummatichumaan kan guddateedha. Akkasumas, Adduunyaa irratti mirga dhala namaa walqixxeetti, eeguudhaan dorgomaa kan hinqabnedha. “....It is the Gada republic a unique particle invention found in Negro Africa.” (Caster, 1967:158). Akka tuqata kanaatti Gadaan sirna siyaasa raajii, baatu baasa uummata Oromoo ta’uu ibsa.

Gadaan maqaa waliigalaatti ittiin bulamudha. Sirna Oromoo dur ummata isaa ittiin bulchaa turedha. Sirni Gadaa heera saba Oromoo guutuu, kan siyaasni, dinagdeefi hawaasummaan sabichaa ittiin murteeffamu, kan miseensi sabichaa mirgaafi dirqama isaa beekke itti waliigaluu, wabii tokkummati. Gadaan sirna jaar-miyaalee hedduu ofkeessatti hamate waan ta’eef sirna bal’aadha. Jaar-miyaalee Sirna Gadaa kanneenis bakka saditti qooduun nidanda’ama. Isaanis Gadaa damee hawaasummaa, dinagdeefi damee siyaasaa jedhamuun beekamu. Waraqaa qormaataa kana keessatti dhimmoota kanneen bal’inaan kan ilaallu ta’a.

Kana malees, gurmaa’insi Gadaa akkuma mootummoota ammayyaa kamiyyuu qaamota seera tuman, seera hiikaniifi seera raawwachiisan ofkeessatti waan qabuuf duudhaalee sirna dimokraasii olaanaa kan kuufate ta’uusa hayyoonni dhimmicharratti qorannoo gaggeessaa turan

ragaan nibahu. Sirni Gadaa ummanni Oromoo ummattoota biroo waliin kabajaafi jaalalaan jiraachuu kan isa dandeessisu jaarmiyaalee aadaa waldanda'insaa hedduu niqaba. Kanneen keessaa jaarmiyaa Moggaasaa, Meedhachaa, Siiqqeefi Jaarsummaa, jaarmiyaa Gumaa, Kallachaafi Caaccuu, jaarmiyaa Bokkuufi Qaalluu, akkasumas jaarmiyaa Ayyaantuu eeruun nidanda'ama. (Alamaayyoo 2011:218) Gama birootiin, sirni Gadaa tumaatilee mirgoota dubartootaafi daa'immanii, akkasumas mirgoota maatii eegsisan hedduu ofkeessatti waan qabuuf mirga namoomaa kabachiisuu keessatti iddoo olaanaa niqaba.

Ummanni Oromoo Sirna bulchiinsaa kan rakkoolee gama siyaasaa, hawaasummaafi diinagdee isa qunname ittiin hiikkachaa tureefi ammas ittiin hiikkachaa jiru sirna dimokiraatawaa ta'e sirna Gadaa jedhamu qaba. Sirni gadaa sirnaafi seera Oromoo ittiin wal bulchuu kan miseensi garee mirgaafi dirqama isa beekaaniifi wali galaniidha. Gadaan sirna ittiin bulmaata hawaasa Oromoo haala diinagdee, siyaasaafi hawaasummaa kan ofkeessatti qabatuufi siyaasaa Oromoo ta'ee seenaa, safuufi duudhaa kan ibsuudha. Gumiin gaayoo Asmaroom waabeffachuun akka ibsutti;

“Gadaan sirna waan mara ofii keessa qabuufi jireenya hawaasa Oromoo kallatti maraan kan sakatta’u, sirna seera, siyaasaa, diinagdeefi kan waliin jireenya hawaasni Oromoo ittiin duule roorroo waliirraa dhorkuu kan jiruufi jireenya isa hundaa ittiin tifkaatuufi dalagatu jaarmiyaa guddaadha jedha”.

Yaada kana irraa wanti hubatamu gadaan sirna waan mara of keessatti hammatu kan jiruufi jireenyi hawaasni Oromoo gaggeessuu kamiyyuu waliin hidhataafi hariiroo cima qabuufi guutummaan jireenya hawaasichaa akka gadaarratti bu’uureffame nu hubachiisa.

Sirni gadaa aadaa dimookiraasii kan calaqqisisu waan ta’eef, namuu mirga filuufi filatamuu qaba. Kana malee, eenyullee bulchiinsa irratti qooda fudhachuu dandayuuuf mirga Siyaasaa, diinagdee, hawaasummaafi ittisa biyya irratti yaada dhiyeessu danda’uufi itti hirmaachuu danda’udha. Kanaaf, sirni Gadaa sirna dimookiraatawa hiriyya hinqabnedha.

Muhammad (2004:61) waa’ee sirna Gadaa yoo ibsu “Sirna Gadaa jechuun seera siyaasaa, diinagdee, seera wajjiin jireenyaafi seera aadaa kan Oromoon guututti ittiin buluufi ittiin wal bulchu yoo ta’u madda yookin burqa seera Oromoon gaafa dur qananiifi gammachuun ittiin of ijaaree ture” jedha.

Gamaa biraatiin Jamjam (2011.83) akka ibsutti “All gada democratic structure have congenially put with mechanism and essentials of power check and balance as their universal domain of

convergence” jedha. Yaada kana yoo hiiknu caasaan sirna gadaa dhalootumarrayyuu yookiin achii as dhufteen isa karaa yookiin mala hawaasni tokko isa tokkorraatti dhiibbaa osoo hingeggeessine caasaa waan mara ofii keessatti hammatuuuf hawaasa hundaa akka hirmaachisu ibsa. Akka yaada kanarra hubatamuutti gadaan sirna dimookiraatawa akkaata namoonni ittiin wal hinqoodne kan hawaasni marti osoo koorniyaan adda wali hinbaasiin hundumtu loogii tokko malee bifa hawaasa mara hirmaachisuun akka ijaarame agarsiisa.

1.2 Ka’umsa Qorannichaa

Ka’uumsi qorannoo tokko dhugaa hawaasa keessatti mul’atu dhimmichi rakkoo yookiin qaawa tokko duuchuuf. Kana malees, yaada tokko haaromsuuf yookaan ibsa bal’aa dhimmicharratti kennuuf gaggeeffama. Yaada armaan olii kana bu’uureeffachuun qorannoo kun ga’ee dubartoonni sirna Gadaa Oromoo Maccaa keessatti qaban: Godina Shawaa Lixaa Aanaa Dandii irratti geggeeffama.

Qaama hawaasa keessa gar-tokkeen dubartoota. Haa ta’uu malee, irra caalaan hawaasa addunyaa tana dubartootaaf iddoo gudda hinkennuuf. Haalli qabatamaan tureef aadaan biyyoota addunyaa kana baay’een isaanii dubartoonni hawaasa gidduutti warra dhiiraatiin wal qixa dhimma siyaasaa, diinagdeefi hawaasummarratti akka hinhirmaanneetti ilaalu. Gama biraatiin, barreessitoonni tokko tokkoo sirni Gadaa keessatti akka dubartoonni gaheefi aangoo bulchiinsa siyaasa sirna Gadaa akka hinqabneef, gaheen hojii isaanii, manaa keessatti nyaata qopheessu qofa akka ta’e ibsu. Jeylan (2004:4) “In this very important institution, the role of women is only preparing food and drink and conducting rituals and practices during the ceremonial practices like power transfer etc” jedha. Kana malees, Daniel (2002:44) yoo ibsu “Describes that though women are important actors in the Gada ritual, they do not have roles in the Gadaa class” jedha.

Yaadni barreessitoota kanaa Jeylan (2004:4) fi Daniel (2002:44) yoo ibsamu inni jalqabaa, “Sirni Gadaa barbaachisaa yoo ta’elle, gaheen dubartoonni achi keessatti qaban, nyaata qopheessuufi yeroo jiloota gara garaa hirmaachuu qofaa dubartoonni jiloota sirna gadaa keessatti gahee yoo qabatanille, gogeessa gadaa keessatti gahee hinqaban” jedha. Faallaa yaada barreessitoota kanaatiin immoo gaheen dubartootaa yaada barreessitoota kanaa bira darbee, gahee dubartootaafi aangoo siyaasaa isaan dhiiraan wal qixa qaban waan kennuuf qorannoon kun yaadota “sirni

Gadaa dubartoota hin hirmaachisu” jedhu ragaa irratti hundaa’ee mormuufi aangoo dubartoonni karaa ifa qabeessa ta’een sirna gadaa keessatti qaban ibsa.

Sababiin qorannoo kana akkaan gaggeessuuf ka’umsa kan naaf ta’e yookiin nakaasefi qorannichi barbaachiseef hawaasa kana keessatti dhaladhee waanan guddadheef dhimma gahee dubartoota ijoollumarraa kaasee hordoofutuu gaaffii natti ta’a ture. Inni lammaffaan ammaan argee dubbisetti mata duree kanarratti qorannoon kallattiin irratti gaggeeffame hinargine. Akkasumas ammaan sakatta’eetti mata duree kanarratti qorannoon gahaan waan hingaggeeffamneef qorannoo kanarratti akkan hojjedhuuf nakaakase. Inni biraan gahee dubartoota kana faayidaasaa beekuun ifaa baasuuf. Dabalataan sirna Gadaa keessatti gahee dubartoota akka dhaloonni haaraan hubatuuf waanti olkaa’amee jiru ballinaan hinmul’atu. Qorataanis dhimma kanarratti qorannoo gaggeessuf fedhii horatee jira. Yaadotni armaan olii kun qorataan qorannoo kana akka gaggeessuuf ka’uumsa qorannichaatiif yaadoota ijoofi bu’uurati. Kanaafuu, mata duree kana irratti qorannoo gaggeessuun barbaachisa ta’e jira.

Bu’uuruma kanarraa ka’uudhaan qorataan gaaffiilee bu’uuraa qorannoo kana keessatti deebii argatan, akka kanaa gadiitti lafa ka’ee jira.

1. Sirni Gadaa Oromoo Maccaa yoomiifi eessatti gaggeeffama?
2. Ilaalchi hawaasni sirna Gadaatiif qabu maal fakkaata?
3. Sirna Gadaa kessatti hirmaattoonni eenyu fa’a?
4. Gahee dubartoonni sirna Gadaa Oromoo Maccaa keessatti qaban maali?

1.3 Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa kaayyoo gooroofi gooree jedhamuun bakka lamatti qoodamee dhiyaatee jira.

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa inni guddaan gahee dubartoonni sirna Gadaa Oromoo Maccaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Dandii keessatti qaban waa’ee dhimma kana qaaccessuun ibsuudha.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooroo bu’uura godhachuudhaan kaayyooleen gooree armaan gaditti dhahaatanis, xiyyeeffanaadhaan ilaalamanii jiru

1. Sirni Gadaa Oromoo Maccaa yoomiifi eessatti akka gaggeeffamu addeessuu;
2. Ilaalcha hawaasni sirna Gadaatiif qabu ifa taasisuu;
3. Sirna Gadaa keessatti hirmaattoonni eenyu fa’a;
4. Maalummaa gahee dubartoonni sirna Gadaa Oromoo Maccaa keessatti qaban ibsu;

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Comment [u1]: Kana jala kan jiran akka buleetiinii oso hintaane akka himaatti barreessi.

Qorannoon tokko yommuu geggeeffamutti bu’aa buusuu qaba. Kana jechuun mata duree qorannoon irratti adeemsifame irratti hundaa’uun malleen qorannoon tokko itti gargaaramuu qabu bu’uura godhachuun qorannoon sun irraa bu’aa argamu. Kanumarraa ka’uun qorannoon kunis gahee dubartootni sirna Gadaa Oromoo Maccaa keessatti qaban kan Godina Shawaa Lixaa Aanaa Dandii walitti qabuun dhaloota dhufuuf akka lufuuf kan gargaarudha. Karaa biraan immoo fookilooriin hawaasa keessatti irraanfataa’i badaa dhufan akka dandamataniif haala mijeessuu nidanda’a. Sababiin isaa fookilooriin ammaan dura afaaniin turan kunnin gara barreeffamaatti deebi’uun dhaloota dhufuuf darbuun isaanii faayidaa olaanaa qorannichi qabudha. Dabalataaniis, uummanni gahee dubartoota sirna Gadaa Oromoo Maccaa kanaa beekke dhaloota haaraaf akka dabarsuu onnachiisuu nidanda’a.

Walumaagalatti, barbaachisummaan qorannoo kanaa kanneen armaan gadii kana kan ta’anidha.

- Qorannoo kun gahee dubarti irratti waan xiyyeeffatuuf sirna kana qorachuun bifa barreeffamaatiin olii kaa’uuf gargaara.
- Namoota yookaan barreessitoota, qorattootaafi barattootni qorannoo isaani mat-duree kana wajjiin walitta dhufeenya qabaniif akka madda ragaatiif ka’umsa ta’uuf danda’a.
- Dhaloonni amma jiruufi dhaloonni dhufu waa’ee gahee dubartoota sirna Gadaa Oromoo maccaa keessatti baruu yoo barbaadan bakka qorannoo kun itti argamu dubbisuun hubannoofi beekumsa argachuu danda’u.
- Falaasamaafi dandeetti kalaqa hawaasa kana baruuf gargaara.

- Beekumsaafi dandeetti hawaasni Oromoo uumamaan sirna Gadaa keessatti kuufate qabu kana barreessuun hawaasa addunyaatti beeksisuuf shoora olaanaa qaba.
- Qarattootaafi namoota sirni gadaa dubartoota hinhirmaachisuu yookiin warra dhiraatiin qixa sirna gadaa keessatti hinhirmaatan jedhaniif deebii qubsa ta'af.
- Kana malees, hojjattoota biroo waajjira aadaa turiizimiitif akka madda ragaatti gargaaru danda'a.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoonni tokko qoratamee fixaa bahuudhaaf yookiin xumuramuudhaaf qabiyyee, bakkafi yeroo daangeessuun baay'ee barbaachisadha. Kanaaf qorannoon kun gama mata dureen gahee dubartoonni sirna Gadaa Oromoo Maccaa keessatti qaban irratti xiyyeeffata. Gahee dubartoota hunda irratti hojjachuun human koofi baajata jiru waliin waan hindeemneef gahee haadha warra abba Gadaafi gahee gurra urtuu qofaarratti xiyyeeffata. Sirna Gadaa keessatti gaheen dubartoota bakka argeef yeroo argetti kan raawwatu osoo hintaane yoomeessa mataa isaa kan qabudha. Gamaa bakkaatiin uummata Oromoo keessaa uummata godina shawaa lixaa aanaa Dandii keessa jiraatan qofa irratti daanga'e. Yeroo qorannoon kun itti adeemsifamuus Amajjii 2011 hanga Hagayya 2011tti kan daanga'eedha. Qorannoon kun gosoota sirna Gadaa naannoo biraa hinilaallatu. Kan naannoo Maccaa garee Gadaa Roobalee gahee dubartoota qoofaarratti xiyyeeffata.

Sababni qabiyyee kana irratti xiyyeeffatameef, aadaafi falaasamni hawaasa Oromoo bal'aa waan ta'eef aadaa hawaasa kana hundaa altokkotti qorachuun hindanda'amu. Osoo qoratameyyuu qulqullinni isaa haalan gadi bu'aadha. Dabalatan, qorataan qorannoo kana qorachuuf maallaqni gahan dhabamuudha. Kanaaf sababoota armaan olii kana giddugaleeffachuun qabiyyee, bakkafi yeroon qorannoo kana daangeeffameera.

1.6. Hanqinaa Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeffamu hanqinni adda addaa mudachuun isa hinoolu. Haaluma kanaan, qorannoon kun yeroo gaggeefamettis rakkooleen garaagaraa qorataa mudatan jiru. Haata'uu malee rakkoon dhibee rakkoon furama osoo hintaane rakkoo keessa dhaabataniitu fala rakkoo argu. Adeemsa kana keessatti wantoonni akka hanqinaatti qoraticha mudatan muraasni nijiru. Falaafi tooftaa mataasaan darbee hojjateera. Isaanis: tokkoffaa qorannoowwan kanaan

dura bal’inaan ‘gahee dubartoonni sirna Gadaa Oromoo Maccaa keessatti qaban hojjetame kan hinjire ta’uu isaarrayyuu, warri hojjetamanis irraa caalaan isaanii manneen kitaabaa keessa waan hinjirreef argachuu hindadeenye.

Inni lammaffaan yeroo qorannichi gaggeeffamu yeroo hojii idileen waan walqabatuuf akka garaatti oliif gadii deemuuf rakkisaa ta’aa tureera. Waan kana ta’eef qorataan karaa mana barumsaa isaa haalli akka mijatuuf gafachuun yeroo adda addaatti eyyama fudhachuun fiixa bahiinsa qorannoo kanaaf carraaqii taasisee jira. Inni biroon gorsaa irraa fagaachuufi rakkoon maallaqaa namudateera. Haata’uu malee, tattaaffii qorataan taasiseen ragaaleen barbaachisoo ta’an funaanamanii qorannoon kun galma gahuu danda’eera. Baajanni hojii kanaaf barbaachisuu kennamuu dhabuunsaa gorsaa yeroo yeroon arguufi bakka sirnaatti deddeebi’uurratti rakkoo ta’us akkumasaatti ifaajee dhuunfaan keessa ba’ameera.

1.7. Haala Naannoo Qorannichaa

➤ Moggaasa Maqaa Aanichaa

Maqaan aanichaa “Dandii” kan jedhamu mogaasa kan argate waan tokko tokko irraa ka’eeti jedhama. Kunis akka maanguddoonni muraasni jedhaniti bishaan haroo Dandii kan lakkoofsa saddeet fakkaatu irraa ka’ee moggaafame jedhu. Maanguddoonni kaan immoo teessuma lafa isaa irraa ka’ee aanicha keessa karaan irra adeeman yookiin daandiin kallattii afuriin waan keessa darbuuf daandiin irra adeeman baay’atee waan mul’ateef aanaa Dandii jedhamee moggaafame warri jedhan nijiru. (Maddi odeeffanoo maanguddoo aanaa Dandii kan ta’e obbo Guutaa Dhaabaa

➤ Aadaa, Afaanfi Amantii Uummata Aanichaa

Walumaa galatti Aanaan Dandii aanaa sabafi sablammii adda addaa amantii mataa isaanii qaban keessa jiraatau. Isaanis uummatni Oromoo %91.97, ummanni Amaaraa %6.37fi sablammoonni biroo % 1.12 ta’an keessa jiraatu. Akkasumas afaanonni aanicha keessatti dubbataman Afaan Oromoo %93.17 Afaan Amaaraa %6.37fi afaanonni biraa %0.46 akka ta’an Ejensiin Istaatiksii Biyyoolessaa ifa godheera. Uummanni aanaa Dandii keessa jiraatu aadaa Oromoo hedduu isaa kabajaa hanga yoonaa tureera. Isaan keessaa muraasni Sirna Gadaa, Sirna Irreensaa fakkeenya laga Awash irratti gaafa Masqalaa ni Irreenfatu.

Sirna Ateetee bulfannaa, sirna gumaa bituu, sirna fuudhafi heerumaa, sirna kabaja ayyaana masqalaa, Ukee, Qaammee dubaraa, gombisa fardaafi kkf uummata aanichaatiin nikabajamu. Nyaanni aadaa aanicha keessatti argaman cuukkoo, qorii, caccabsa, irradiibaa, gursoddomee, kochee, waadii, ittittuu, marqaa, akaayii, bulbula dammaa, dhodhoobboo, sukkuummaafi kkf ni argamu. Ummanni aanichaa amantii Ortodooksii, protestaaniirrfi waaqeffataa duukaa bu'a. Haaluma kanaan akka ragaan waajjira kominikeeshinii Aanaa Dandii ibsutti Ortodooksiiin %88.42 Pirotestaantiin %3.66 Waaqeffataafi Kan biroo%7.66 nita'u jedhama. (Maddi raqaa waajjira Kominikeeshinii aanaa Dandii).

➤ **Dinagdee Aanichaa**

Aanichaa keessaa lafa qonnaaf oolu hektaara 71,836, lafa dheedichaaf oolu hektaara 20,828, lafa bosonaa hektaara 9339, lafa bishaaniin uwwifame hektaara 805fi kan biroo oolu hektaara 2621 qabdi. Akkasumas mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa 60, sadarkaa lammafaa 5fi qophaa'ina 1 qabdi. Aanaan Dandii akka ragaan Ejensii Istaatiksii Biyyoolessaa bara 2005 gabaasa toora interneetii irratti addeessetti baayinni uummata aanichaa 255,899 keessaa dhiira 129,226 dhalaa 126,607 akka ta'an gabaasera. Akkasumas uummata 29,602 (% 11.57) magaalaa keessa kan jiraatan yoota'u uummanni 226,294 (%88.43) baadiyyaa keessa iddoo gara garaa jiraatu.

Jireenyi uummataa dinagdee qonna aadaa irratti kan hundaa'edha. Kunis qonna aadaafi horsiisa beelladaa lakkoofsi isaanii daanga'en jiraatu. Haalli qilleensaa aanicha baddaafi badda dareedha. Gosti midhaanii adda addaatu aanicha keessa biqila. Isaanis: garbuu, xaafii, qamadii, boqqoolloo, gaayyoo, baaqelaa, atara, shumburaa, missiraafi kkf yoo ta'an kuduraafi muduraan immoo kan akka moose, shunkurtaa gara garaa diimaafi baaroo, qullubbii adii, raafuu gurraachaafi maraa, hundee diimaa, kaarotafi kkfdha. Horiin gaafaafi kotteduudaanis baayinaan ni argamu. Isaanis: farda, harree, gaangee, re'ee, hoolaafi horiin hedduminaan ni jiraatu.

➤ **Iddoowwan Hawwata Turiizimii Aanaa Dandii**

Iddoowwan seena qabeessa ta'an: *Bosona Cillimoo* lafa hektaara 5000 hanga 6000 uwwisee jiruufi, *Bosoni Cillimoo* mukeewwan gosa adda addaa 44fi bineensonni bosonaa gosa 20 kan akka weennii, jaldeessaa, qamalee, kuruphee, bosonuu, waraabessa, xaddee, shattafaa, amaagootaa, sardiiddoo booyyee, karkarroofi kkf yoo ta'an allattonni gosa garaagaraa 130 tanis keessatti nihargamu. Akka fakkeenyaatti sinbirroota akka *joroo* baalleen ishii bareedinaaf

oolufi ittiin sirban, *cuquliisa*, sinbira eegee dheeraafi kanneen biroo baay'inaa nijiru. Bineessonnaifi allaattonni kan jiraatan bosona keessa yoo ta'u yeroo ammaa bosonni Cillimoo sababa qoranii, ijaarsa manaafi lafa qonnaa babal'isuuf jecha ciramaa waan jiruuf lakkoofsi bineessota bosonaafi sinbirroota miidhagoo ta'an kuni illee xiqqaachaa demaa jira.

Haroo Dandii lafa hektaara 820 gadifageenya 50m qabuufi kan gaarreen gurguddoo olka'insi isaanii sarara sirrii galaanaa irraa 2900m ta'an sagaliin marfamee iddoo dhooqa keessatti lakkoofsa saddeet fakkaatee kan uumamaan bonaa ganna argamu.

Masaraa mootummaa Kan bara weerara xaaliyaanii ijaarame bosona cillimoo kessatti argamu ta'ee magala Giincii irraa kallattii kaabaatiin naannoo kiilometira 7 fagaata.

➤ **Teessuma Lafa Aanichaa**


Argamni aanaan Dandii magaalaa guddoo Oromiyaa kan taate Finfinnee irraa kallattii dhihaatiin argamti. Magaalaa guddoon aanaa kanaa Giinciidha. Magaalli Giincii Finfinnee kara dhihaa fageenya kiilometira 78 irratti argamti bal'inni aanaa kanaa hektaara 106, 428 yoo ta'u gandoota baadiyyaa 47 fi magaalaa 5 qabdi.

Aanaa Dandii kan daangessan Kaabaan Aanaa Jalduufi Ilfataa, Kibbaan Aanaa Dawoo, Iluufi Wancii, Dhihaan Aanaa Amboo, Bahaan Aanaa Ejeree daangeffamtee argamti. Daandii keessa keessaa cirrachaa kiloometira 94.5 ta'uufi daandii asfaaltii Finfinnee gara Naqamtee deemu kiilometira 30 ta'u aanicha addan kutee keessa darba. Magaalli guddoon aanichaa Giinciin gaara bosona cillimoo jalatti waan argamtuuf miidhagina guddaa qabaachuu dandeessee jirti. Haalli teessuma lafa ishii badda daree %71fi baddaa %29 kan qabdi waan ta'eef jireenyaaf baay'ee mijooftuudha. Kaartaan Aanaa Dandii eessaatti akka argamu ibsu kan armaan gadii irraa hubachuun ni da'nda'ama.


Shawaa Dhihaa Oromiyaa keessatti



Shawaa keessatti



Kaartaa1: Oromiyaafi Godina shawaa Dhihaa WBLBADfi MaddaWalaabuu Press:
<http://maddawalaabuupress.blogspot.com/p/blog-page-20.html> 2016 irraa fudhatame.




Kaartaa 2: Aanaa Dandii WBAD irraa kan fudhatame.

➤ **Hidda Dhalootaaifi Quubsuma Oromoo Aanaa Dandii**

Qubsuma uummata Oromoo Aanaa Dandii ibsuu dura waa’ee uummata Oromoo irratti ilaalcha siyaasaaifi amantii walbira qabuun bu’aa waan qabuuf waliin dhiyaatanii jiru. Kunis kitaaba waa’ee seenaa Oromoo ibsu kan ‘Oromoofi Kirstaanummaa’ jedhuufi kitaaba ‘Seenaa Oromo hanga jaarraa 16^{ffaa}’ jedhu irraa fudhatame bifa armaan gadiitiin qindaa’ee jira. Kunis inni duraa hidda dhaloota Oromoo Uumama jalqabaa irraa kaasee hanga Kuushitti mullisu yoo ta’u inni lammaffaa Kuushii hanga ammaa agarsiisa.


Caatoo 1: Dhalootaa Addaamii hanga Kuush



Madda: Kitaaba Balaay (2007:19)

Kitaaba Balaay (2007:19) irraa kan fudhatame yoo ta’u sababiin caatoon kun dhiyaateef namoota seenaafi hidda Oromoo gabaabsanii haala sirrii hintaaneen ibsaa turaniif ragaan dhugaa waa’ee Oromoo ibsu kallattii hundaan akka jiru mul’isuudha.

Caatoo 2: Hidda dhaloota Kuushii hanga ammaa



Madda: Kitaaba seenaa Oromoo hanga jaarraa 16^{ffaa} (2007:19)

Kitaaba Seenaa Oromoo hanga jaarraa 16^{ffaa} (2007:19) fi maanguddoota irraa fudhatamefi hidda dhalootaa hawaasa naannoo qorannoon taasifame.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

Comment [u2]: Boqannaa kana kessatti kan barreesite hundi qorannoowan jiran irraatti akka hundaa’e beekama. Kanaaf yeroo barreessitu maddaa odeeffannoo kee xuquu hindagatiin.

Boqonnaa kana keessatti dhimma duudhaa ilaalchisee dhimmoota jiran hunda osoo keessa seenee hin ilaaliin dura yaada waliigalaa kaasuun barbaachisaa waan ta’uuf hojiiwwan gurguddoo kanaan dura hayyoota adda addaatiin hojjetaman maal akka ta’an ilaallameera.

Haaluma kanaan madda raga hojii qorannoo kanaatiif bu’a qabeessa jechuun kan qorataan kutaa kana jalatti sakatta’ee kaa’e: maalummaa fookiloorii, gosoota fookiloorii, duudhaa hawaasa, sirna Gadaa, sadarkaa Gadaa, goggesa Gadaa, seenaa sirna Gadaa, jiloota sirna Gadaa keessatti kabajaman, sirna Gadaatiifi dubartoota, gahee dubartoonni sirna Gadaa keessatti qabdu, yaaxxinaalee qorannichaaf mijatuufi sakatta’a qorannoo walfakkii sirriitti hubachuuf akka nugargaaru dursinee fookiloorii ilaalchisee yaadotaa garagaraa hayyootni ibsan kaasuudhaan haa ilaalu.

2.1. Fookiloorii

Qorattootni fookiloorii akkaataa qabiyyee fi yaaxina hubannoo isaaniitiin hojiirra oolmaa kanaan yaada qorattootni hiika fookilooriif kennan yoo ilaallu: Alan Dundes (1965:1-3) fookilooriin durdurii, baacoo, hiibboo, mammaaksaa, weedduu, hurursa, arrabsoo, gammachuu, aaruu, nyaata qopheessuu, nagaa wagaafachuu ofkeessatti haammata jedha. Akkasamas uffata aadaa, ragada, weedduu, meeshaalee muuziqaa, moggaasa maqaa, barreeffama aadaa, tapha garagaraa, sagada, ogummaa ijaarsa manaafi dallaa, kabaja ayyaana waggaa fa’a jechuun tarreessa.

Ittuma dabaluu Dundes (1965:3) “Folklore offers a socially functioned out let for the expression of a taboo and anxiety, provoking behavior. One can do or say in folklore from things other wise inter direct in every day life,” jedha. Yaadni kunis fookilooriin wantoota saalfii ta, aniifi wantoota nama gammachiisan, amaleeffannaa yookaan muuxannoo namoonni jireenya isaanii guyyaa guyyaa keessatti qaban kan calaqqisiisu ta’uusaa agarsiisa. Fookilooriin jechoota ‘Folk’ fi ‘Lore’ jedhaman irraa kan ijaarame ta’ee ‘Folk’ garee hawaasaa akka jechuu yoo ta’u ‘Lore’ kan jedhu immoo beekumsa yookaan qabeenya gareen hawaasaa sun waliin qaban ta’uusaatu ibsama.

2.1.1. Gosoota Fookiloorii

Qorattootni fookiloorii amala dhuunfaafi ibsa isaa irratti hundaa’uun fookiloorii bakka hedduutti qoodu. Hayyuun Dorsan .R. (1972:2) fookiloorii bakka afuritti qooda “... folklore can be divided into four categories. These are termed the oral literature, the material culture, social folk custom and the performing folk arts. Each of these inturn divided into different sub division.” Kunis wanta aadaa, duudhaa hawasaa, aartii sochii hawaasaafi ogafaan ta’ee isaan jalatti immoo kan ramadaman hedduu ta’uusaati. Qorannoon kunis gooroowwan fookiloorii keessatti duudhaa hawaasaa (social folk custom) jalatti waan ramadamuuf kallattumaan duudhaa hawaasaa walii walqabsiifamee ilaalama.

2.1.2. Duudhaa Hawaasa

Duudhaan hawaasaa wanta aadaatiin baay’ee walitti dhiyaata. Akka Alamaayyoofi Alamituu (2010:51) Doorsan wabeeffachuun jedhanitti duudhaan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaatirra xiyyeeffannaa kan itti godhu hariiroo (walitti dhufeenya) gareetirrattidha. Akkasumas uummata keessatti umurii dheeraa kan lakkoofsiseefi hawaasni hundi itti waliigalee fudhatedha. Kutaa kana keessattis kan ramadaman kabaja ayyanaa, qoricha aadaa, tapha aadaa, waaqeffannaafi guddina sadarkaa (kabaja) namaati. Cehumsa sadarkaa keessaa immoo sirni Gadaa, fuudhaafi heeruumni akkasumas dhaqna qabaan iddoo guddaa qabaachuusaa ibsu.

2.1.3. Sirna Gadaa

Hamma kiyyoo Kolonii jala hinseeniniti Oromoon sirna ittiin bulan kan mataa isaanii qabu turan. Maqaan sirna kanaas Gadaa jedhama. Sirni kuniis bal’aa ture. Dhimma Jireenya Uummata Oromoo fuula hundaan kan ilaalu sirna siyaasa, aadaa, diinagdeefi amantiiti. Sirna hawaasaa guutuu ture jechuudha. Sirni Gadaa sirnaafi seera Oromoonni ittiin walbulchuu, kan duulee roorroo ofirraa ittisu, kan dinagdeefi amantiiti. Sirni kun haala Oromoonni tokkummaan isaanii laaffate kan itti roorrisaa turan Habashaafi Affaar ofirraa deebisuu dadhabe keessatti, haala hawaasaa ilaalerraa, Jaarraa 14ffaa keessa biqiluu jalqabee suuta guddatee deeme. Oromoota sirna akkasii jalatti hundeessuudhaaf yeroo dheeraa fudhate. Oromoota gosatti hiraman walitti fidanii sirna tokko jalatti walitti qabuun kufaatiifi ka’uumsaa yeroo dheeraa gaafate.

Gara walakkaa jaarraa 15ffaa isa lammaffaa keessaa sirna gutuun argamuu dandaye. Akkaata himamsa aadaa Boorana Kibbaa keessatti yeroon itti Gadaan dhaabbate kanumaan walkipha.

Akka Manguddoonni Booranaa himanitti Gadaa ijaaruu yaalii dheeraan eega godhame booda, Gadaan yeroo dheeraaf bifa hojochuu dandayuun dhaabbate. Gadaa Kanatti Abbaan Gadaa Gadayyoo Galgaloo ture. Raabni isaa (yeroosii) Yaayyaa Gulleelee jedhama ture . Eega gaafasii jalqabee Booranni Abbootii Gadaa 61 lakkaawa. Kanarraa waggaa saddeet saddeetiin yoo herregne (Gadaan tokko waggaa 8) $61 \times 8 = 488$ taha. Eega Gadaan ijaarame, akka himamsa manguddooti Booranatti waggaa 488 taha jechuudha. Barri isaa 1499tti dhihaata. Kanaaf, sirna Gadaa keessatti wanni hundi Gadaan walilaala. Lakkoofsi yeroo, aadaan, amantiin, jireenyi hawaasaa, ittisi biyyaafi kkf hundi hidhata Gadaa qabu.

Bara itti Gadaan sirna gutuu ture sana akka silaa tahutti galmeessuun hindanda'amne. Hammi Galmeefame baay'ee yaraadha. Sana keessaa hillee irra guddaan kan baroota dhihooti. Waa'een isaa hammi beekamu baay'ee yaraadha. Guddinaan odeeffannoon argaman oduu afaaniin kan daddabraniidha. Isaaniis bakka bakkati garagar tahu. Sunillee Gadaan Caffee Caffeetti deebi'uu haa agarsiisu malee, tokkummaa sirna kanaaf ragaa kan tahu haftee sirna kan Gadaa Boorana har'aalee haga taheefuu hojjetaa hojjataa jiruudha. Kanaaf, waa'ee sirna Gadaarratti hangi hubatame xiqqaadha.

Gadaan sirna ittin bulmaata Oromoo tahe kan beektota seenaa, seeraafi saayinsii hawaasa hedduudha “ajaa'iba!” jedhamee ragaan bahameefiidha. Gadaan sirna ittiin bulmaata sanyiin namaa hanga ammaatti tolfatee, kalaqxee maraa kan caalu tahuu isaa kan mirkanaahe isaan ragaalee hedduutu jira. Dirribiin (2012:211) Joorji kartel wabeeffachuun akka ibsetti “sirni bulmaata gadaa siyaasa, raajii baatu baasa (kalaqa) uummata gurraachatti. Addunyaa kanarra waan raajii akkasii kan kalaqe hinjiru.” jedha. Yaada kanarraa akka hubatamutti sirni gadaa sirna kalaqa addaa qaroominaa uummata gurraacha gonkumayyuu sirni sirna kanaan wal madaalu akka hinjirre ibsa. Waliigalatti sirna kana caalatti hubachuudhaaf qormaata cimaa Sirna Gadaa kan mul'isan armaan gaditti ilaalluuf adeemna.

2.1.4. Seenaa Sirna Gadaa Oromoo Maccaa

Akkuma armaan olitti eerame Sirni Gadaa Maccaa sirna bu'uura Gadaa Oromoo irraa adda ta'e miti. Garuu konfedereeshinii bulchiinsa sirna Gadaa keessatti haala bakkaafi yeroon walsimisiisuuf fooyya'insa tokko tokko taasisuun isaanii hinhafne. Ummanni Oromoo jireenya hawaasummaa erga uummatee eegalee sadarkaa umurii turtii waggaa saddeetiin bakka shanitti

qooduun, sirna bulchiinsa murtii seeraa akkasumas siyaasaafi to, annaa jireenya hawaasummaan kan ittiin walbulchaa ture sirna qaba. Kunis Sirna Gadaa jedhama.

Ka'umsa Sirna Gadaa Maccaatiif bu'uura kan ture Sirna Jaarsaafi Alangaati jedhama. Sirna Jaarsaafi Alangaa keessatti namni yakke yookiin balleesse, adabbiin alangaan garafamee adabamuu ture. Sirni kun immoo haala iddoofi yeroo duukaa waan deemuu dideef seera sirna Gadaa kan ta'e kan waliigalaa bu'uuressuun dirqama ta'e. Seera kanas nama raajii qabuuf baay'ee beekaa ta'e Makkoo Biliin gumii gaggeeffametu tume jedhama. Gumiin kun seerota kanaaf akka bu'uuraatti kan fayyadaman seera kakuu Maccaa shanani. Haata'u malee, seerri kakuu Maccaa Shanani eessatti tumame gaaffii jedhuuf yaada lamatu jira. Yaanni tokko Odaa Bisil kan jedhu yoo ta'u, inni lammaffaa immoo Odaa Bisil Ejersa Maccaa jalatti jedhu.

Seerri kakuu Shanani Maccaa kan irratti xiyyeeffate waan shan. Isaanis: Nama Ajjeesuu, Hatuu, Sobuu, Sagaagaluufi kofa ummataa saaquu ta'a. Maddi jalqabbii kakuu Shanani Maccaa kun safuun akka jiraatuufi namni hunduu angafaafi quxusuun walhedatee akka jiraatuufidha. Wantoonni shaman kunis, seera hawaasa eegsisuufi tokkummaa hawaasaa cimsuuf kan itti gargaaramanidha. Seeronni kunis seerota gurguddoo jedhamuun beekamu.

Kakuun Shanani Maccaatti seera hawaasaa safuun akka hincabne, hawaasa tokkummaa qabuufi ijaarsa jabaa qabu uumuuf, ta'ees akka jiraatu kan taasisedha. Seera kana irraa fooyyessuufi cimsuuf jecha Oromoon Maccaas gara sirna Gadaa isa seerri isaa alalchamee qophaa'etti jedhu.

Gadaan sirna ittin bulmaata Oromoo tahe kan beektota seenaa, seeraafi saayinsii hawaasa hedduudha “ajaa'iba!” jedhamee ragaan bahameefiidha. Gadaan sirna ittiin bulmaata sanyiin namaa hanga ammaatti tolfatee, kalaqxee maraa kan caalu tahuu isaa kan mirkanaahe isaan ragaalee hedduutu jira. Dirribiin (2012:211) Joorji kartel wabeeffachuun akka ibsetti “sirni bulmaata gadaa siyaasa, raajii baatu baasa (kalaqa) uummata gurraachatti. Addunyaa kanarra waan raajii akkasii kan kalaqe hinhiru” jedha. Yaada kanarraa akka hubatamutti sirni gadaa sirna kalaqa addaa qaroominaa uummata gurraacha gonkumayyuu sirni sirna kanaan wal madaalu akka hinjirre ibsa.

2.1.5. Faayidaa Sirnaa Gadaa

Sirni gadaa faayidaa hedduu qaba. Yaada kana Dirribii (2009) fi Dinqee (2003) yoo ibsaan “sirni gadaa faayidaa hedduu qaba. Isaanis: Seera mura, biyya misoomsa, cirattee dinomsa, ormaa rakkate kolu galcha, nama nama dare dara baasa, diina biyyarra ittisa, dhimmaa gumaa hiika, namoota yakkaa hojjatan adabuun ormaaf fakkeenya akka ta’aan godha, nama miidhameef dhugaa murufi hawaasni tokko idd latinsa isaa akka beeku gochuuf gargaara’ jedhu. Akkaasumaa sirni gadaa seera ta’ee uummanni Oromoo dabaree isaa eeggatee akka walbulchu kan godhedha. Yaaduma kana sa’idaan (2002) yoo ibsitu “Aangoo walitti kennuufi walirraa fudhachuuf sirni gadaa shoora olaanaa taphata” jetti. Itti dabalun Abbaa Gadaa Roobalee Abbaa Sooris (2012) “sirni gadaa sirna diimokiraasii addunyaa bara ammaa kanaafis burqaadha” jedha.

2.1.6. Goggeessa (Gosoota) Gadaa

Gadaan maqaa garee (paartii) shan kan qabu yoo ta’u. Isaanis shanan Gadaa Oromoo jedhamu. Gareewwan kun ganna saddeet saddeetin aangoo walharkaa fuudhu. Shanana Gadaa Oromoo kun bakka adda addaatti maqaa adda addaatiin beekkamu. Maqaan nijijjirama waljala qaxxamura malee, Gadaan shanuma. (Gabatee gadii ilaali).

Gabatee 1: Maqaalee (paartilee) Shanana Gadaa

Maccaa	Tuulama	Boorana	Arsii	Gujii	Ituu- Humbannaa
Birmajjii	Birmajjii	Moggisa	Birmajjii	Harmuuf	Horata
Horata	Horata	Sabbaqa	Roobalee	Roobalee	Mardiida
Michillee	Michillee	Libaasa	Bahara	Muudana	Bultuma
Duuloo	Roobalee	Daraaraa	Horata	Halchiisa	Fadata
Roobalee	Duuloo	Mardiida	Bultuma	Dhalana	Badhaadha

Madda: Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa Jildii 1ffaa (2015:131)

Madda Seenaafi Sirna Gadaa Oromoo Maccaa Hanga Jalqaba Jaarraa 20ffaatti Jildii 1 Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa (2015:131)

Ilmi Oromoo kamiyyuu, guyyaa itti dhalateee eegalee goggeessa shanan Gadaa keessaa tokko keessatti haamatama. Duraaan dursee kan inni hammatamu, shanan Gadaa keessaa miseensa isa gaafa inni dhalatu aangoorra jirutini, kunis goggeessa abbaa isaa keessatti jechuudha.

➤ **Gadaa Birmajjii**

Gadaan Birmajjii Oromoodhaaf Gadaa isa jalqabaa miti ; isa durayyuu ganna kuma caaluuf Oromoon Gadaan bulaa akka ture ragaan nijira. Gadaan Birmajjii garuu uummata bara saddeet saddeetin qoodee namoota waggaa 8 oliifi 80 gadi jiraniitti dirqama adda addaa kenne. Bara Gadaa kanaa Oromoon jalqabaaf Abbaa Guulattiin ofijaaree. Akka kana duraa yeroodhuma ormi itti dhufu ofirraa ittisu qofaa dhisee biyya ofii deebifachuuf jecha lafa diinnonnisaa (habashoonni) irraa fudhatan dhaqee loluu jalqabe. Waraani Oromoo bara sanaa akka waraana qaromeetti hiriiree loluu eegale. Gadaan Birmajjii Baale deebifachuuf yeroo lolu mooticha Habashaa Faasil jedhamu ajjeese. Gadaan Kun lola irratti cimaa akka ture Abbaan Baahiree ragaa bahee jira (<http://oromedia.net/sirna-gadaa>)

➤ **Gadaa Michillee/ Muudanaa**

Birmajjiitti aanee kan Gadaa fudhate Gadaa Michillee jedhama. Miidhaan warra Abashaafi Islaamaa karaa lamaan jaabatee waan dhufeef Gadaan Michillee seerota sadii baasee labsuudhan hojjaa irra oolchee ture. Isaanis:

- Namni Diina hinhajjeefne akka hinfuune, akka rifeensa mataasaa hin aaddanne.
- Namni hundi dhiraafi dubara odoo hinjedhamiin kan ganna 8 oliifi 80 gadii lola keessatti qooda akka fudhatu.
- Waraanni fardaan lolu leenjifamee akka bobba’u seera jedhu ture kun immoo iddoo fagoo deemee akka lolu isa taasise.

Seerri kun akka Oromoon jabaatee biyya abba isaa deebifatu hedduu gargaare. Fardaafi gaachanaan jabaatee loluu kan jalqabe ture Gadaa Michilleetti. Michillee waraana Galawudos, Hamalmaalinni hogganamu waraaneen moo’e, Faxagariin (Eriifi Karayyu) guutuumaatti harka Oromooti galche. Itti dabalees hooggani Islaamaa Amir Nuur mooticha Habashaa Galawudosiin waraaneen moo’ee (ajjeessee), gammadee ayyaaneffachaa otoo jiru Michillee Harariin qabate. Amir Nuur oduu kana dhaga’ee otoo inni gara Haraaritti deebi’uutti jiruu Michille bakka Tulluu Haazaaloo jedhamutti haxxee hidhatee rukute. Lola kana irratti Oromoo hedduun dhumullee waraanni Amir Nuur moo’amee harka Michilleetti du’ee raawwate. Abbaan Baahire akka barreesetti Gadaan 5ffaani Missillee jedhamu biyya waraaneen moo’atee idda balleessee booda loon ofii fudhatee itti gale jedha.

Oromoon durii biyya waraanees waan barbaade erga godhee booda gara dhufetti deebi'aa jechuu isaattii. Seenaa Oromoo keessatti kan akka Gadaa Michille diinota, warra habashaa (kan Poorchugaalin gargaarame) akkasumas Afaar (kan Turkiin gargaarame) Waraanees dangaa bal'aa bilisoomse hinjiru. Michillee jechuun, bineensa bara caamsaan hammaatee yeroo haroon qooru bakka bishaan ture keessa bahun, bineensa gurraatti hanga saree xiqoo geessu, kan waraanni hin seenne, kan nama hinsoodaanne, kan nama duukaa kaatee nama ciniinstu, bineensa hamtuudha. Gadaan Michillee farda luka afur qabu yaabatee gaachanaan waraana of irraa qolatee waan bakka yaade ga'eef gadaa Michillee jedhamee moggaafame (<http://oromedia.net/sirna-gadaa/>).

Baalli kan Melba Weeraruu Jalqabe Muudannii dhufatee hamma qarqara laga Awaashitti irra qubatan. Barri Gadaa Muudanaa kun bara muusliimoonni Imaam Ahimadiin geggeefamanii kiristaanoota waraanaa turan. Oromoon waraana diinoonni isaa lamaanisarratti geggeessaa turan kana faana bu'aa ture. Daareel Baates namichi jedhamu kana barreessee ture. Waan waaqni diinoota isaa lamaan wal waraansiseef, Gadaa kana waaqatu mirga muude jechuudhan Gadaa Muudanaa jedhee moggaase. Gadaa Muudanaatu dura laga waabee ce'ee lafa qabate Abbaan Baahire 1593 barreefame (<http://oromedia.net/sirna-gadaa/>).

➤ **Gadaa Duuloo**

Michilleerraa Gadaa kan fudhate Duuloodha. Duuloon duula bal'isee Dawwaaroo rukutuu jalqabe. Yeroo gabaaba keessatti handhuura Dawwaaroo gahe. Galaawudoos mooti habashaa waraana isaa kan nama Adaal Mabraaq jedhamuun hoogganamu Dawarrootti bara 1545tti erge. Michilleetti aanee kan baallii fudhate, Gadaa Duulooti. Bara Gadaa Duuloo keessa Habashoonni gargaarsa warra poorchugaalin, Imaam Ahimadiin bara 1543 waan ajjeesaniif qalbi tokkoon Oromoorratti xiyyeefataniis meeshaa ammayyaafi human waraanaa Awuroopparraa argataniin gargaaramuudhan Oromoo irratti duulani. Mootichi Habashaa Galaawudoos Imaam Ahimadiin erga ajjeese booda, waraana guddaa nama Adaal Mabiiraq jedhanuun hoogganamu gara Oromootti bobbaase, Gadaan Duuloo waraana Habashaafi Faranjii meeshaa hammayyaa akka madfii hidhate kana bara 1545 ofirraa rukutee, ajajaa waraanaa ari'ee laga Awwash ceesise. Waraani habashaa hedduun harka Gadaa Duulooti ajjeesamee dhume jedhe Abbaan Baahire. Humnoota Habashaafi Faranjii meeshaa hammayyaatti gargaaramanu waan mo'eef, Gadaa dhugaa lole, jedhamee seenaa keessatti yaadatama. Jechi “kan lole” jedhu kun bara dheerina

keessa “Kiilolee” jedhamuun beekkama. Haala kanaan kiiloleen dirqama isaa raawwatee, meedhacha hidhatee, baallii Biifoleetti dabarse.

Gadaan kun Mul’ataa Baarentuufi Mul’ataa Booranaati. Bara Gadaa Duuloo kana walloo hedduu hinduulle. Yeroo lama qofaa Gondoritti duulee deebi’ee qubate jedhama. Duuloo Mul’ataa Maccaafi Tuulamaa garuu duulasaa itti fufe. Bifa lolaas geeddaree Amaara karaa irratti gaadee ajjeessuu jalqabe. Gaara Gidduufi saqa dhiphoo ta’an gidduutti eegee ajjeesaa, murataa ture. Bakka farda isaaf mijaa’u mara Goojjaamiifi Gondor keessa gulufee, qabatee, basha’ee achi taa’e.

Barreessan yeroo sanaa Abbaa Baahire bara akka jedhetti “biyyi Gadaa Booranaa jalatti bule, kan hafe tokkollee hinjiru” jedhe. Mul’anni baallii Gadaa Duulootti dabrsee kenne. Haala kanaan abbootiin Gadaa Injiffannoo erga argatanii booda sabni Oromoo hanga sirni Nafxanyaa jaarraa 19ffaa keessa ka’utti jaarraa lamaa ol tasgabbaa’ee Gadaa isaa kabajataa nagaadhan jiraataa ture. Sirni Nafxanyaa kan jalqabe, Amaari Oromoo waraanuu dadhabnaan araarfachuu calqabe. Walitti Makamuu (wal fuudhudhaan) uummameen kan ka’e Oromoonni Gondariifi Goojjam keessa jiraatanu Afaanifi Amantaa ofii irraanfachuudhaan kan Amaaraa fudhatan jedhama.

➤ **Gadaa Horataa**

Gadaan Duuloo daangaa bal’aa waan bilisoomseef daangaa bal’aa kana Gadaa tokkoon hoogganuun rakkisaa waan ta’eef Gadaan duraan Booranafi Baarentuu irraa ijaaramee hooggana tokkoon walfaana socho’aa ture bakka lamatti gooduun dirqama ta’e.

Baarentuu Gadaa Harmufa akkasumas Boorani Gadaa Hambisaatiin akka hoogganaman godhame. Harmufni Bageemidir rukutee gosati moggaasee of jala galche, Hambisaan immo duula guddaa mooticha habashaa Minaas Oromoo irrati bobbaase jabinaan falmee, balaa dhufu danda’u hambise. Hambisaan akka Harmufaa lafa bal’aa dabalee qabachuu baatuus, kan ture akka jirutti eegee dabarsuu waan danda’eef, Gadaa Harmufaa wajjin meedhachaa hidhatanii baali dabarsanii Gadaa Roobaleetti kennan (<http://oromedia.net/sirna-gadaa/>).

➤ **Gadaa Roobalee**

Gadaan kun Roobalee Baarentuufi Roobalee Booranaati. Roobaleen lachuun wal gargaarudhaan Bagemdirfi Wallootti duula guddaa bananii (keessatuu Roobalee inni Booranaa Amaarota hallayyaafi Holqatti naquudhaan) dangaa biyyaa ballisuu danda’anii turan. Wa’ee Gadaa Roobalee Abbaan Baahire bara yoo ibsu “waggaa saddeet booda kan bakka harmuufaa qabate Roobaleen gogeessa yookiin ilma Gadaa Muudanaati. Isa kana Shawaa balleessee Goojjamiin rukutee. Nama aangoo cimaa qabu Azmaachi Zari Yohaannis ajjeese,” jedhe (<http://oromedia.net/sirna-gadaa/>). Barri Gadaa Biifolee bara mootiin Habashaa lola warra Islaamaa waliin qabu moo’atee humna isaa mara gara Oromoo qofaatti xiyyeefate ture.

Mooticha Habashaa Galaadiwoos, Adal Mabiraq mo’amu dhaga’ee humna isaa walitti gurmeeesee waraana Poorchugaal ofgargaarsisee (wajjiin) Oromoo irratti bara 1548 duula guddaa saaqe (bobbaase). Gadaan Biifolee diina itti dhufee qolee, rukuutee moo’uudhan ofirraa deebise. Lafa bal’aa dabalee qabachuu dadhabus, humana guddaa kana falmee moo’ee ofirraa deebisuu waan danda’eef, waanti hojjate akka gootumaa guddaatti fudhatameefii maqaa Bif-oole jedhamu akka argatu ta’e. Bif-oole jechuun odoo hindabaliin, odoo hinhirrisin akkuma jirutti, bifuma duraan jiruun eegee dabarse jechuudha. Jechi “Bif-oole” jedhu kun bara dheeraa keessa biifolee jedhame. Gadaan Biifolee daangaa Oromoo eegee, dirqama ofii raawwatee aangoo Gadaa Michilleetti dabbarse (<http://oromedia.net/sirna-gadaa/>).

2.1.7. Seenaa Moggaafama Maqaa Miseensota Gadaa Maccaa

Miseensonni gadaa shanan kunninis haala moggaasa maqaa isaanii ilaalchisee duraa duuba ykn angafaa gara quxisuutti ibsa waliin tarreeffamaniiru. Bara gadaa Roobee bokkaan baayyee roobaa waan tureef kanumarraa ka’ee maqaan miseensa gadaa isa duraa Roobalee jedhamee waammame. Bara gadaa Horataammoo horiin baayisee waan horeef miseensa gadaa kanaaf maqaan horataa jedhu moggaafame. Bara miseensa gadaa isaa 3ffaa waggaa shaniif bulchaan immoo uummani waan garaa garaa irraa birmaduu waan ba’eef Birmajjii jedhamee moggaafame. Bara bulchinsa miseensa 4ffaa immoo namni waliii galtee qaba yookan waan michoomef, kanaaf maqaan miseensaa gadaa kanaa michillee jedhamee mogga’eef. Maqaan miseensa gadaa isa 5ffaafi isaa dhumaa duuloo jedhame. Sababni inni duuloo jedhameefis bara bulchiinsa miseensa

gadaa kanaa duulatu ture. Kanaaf maqaan miseensota gadaa kanaa Duuloo jedhame. Dinqee (2003) fi warqinaa (2008) Yaada manguddota gara gara irraa argatan wabeeffachuun kaa'an.

2.1.8. Sadarkaaalee Gadaa

Akkaataa Waggaa dhalootaatiin gurmaa ykn murni ilmaan kormaa tartiiba isaan keessa dabran sadarkaa Gadaa jedhama. Sadarkaan Gadaa tokko waggaa saddeet qaba. Waggaa saddeet saddeetin kanaan namni Oromoo ta'e tokko hamma gaafa dulloomee du'utti hawaasa keessatti bakkaafi qoodama dalagaa qabaata. Sadarkaaileen Gadaa ilmaan kormaa keessa darban kunnenis bakka garaagaraatti amala adda addaa yoo qabaatanillee waliigalatti akka armaa gadiitti keenya.

Gabataa 2: Maqaa sadarkaaalee Gadaa kutaa Oromiyaa garaagaraa keessatti

Sadarkaa umurii	Maccaa	Tuulama	Gujii	Boorana	Dirqama
0 – 8	Ittimakoo, Daa'ima Daballee	Dabballee (Ittimakoo)	Daballee	Dabballee	Maatiin kunuunfamuu
8 – 16	Gaammee	Gaammee	Qarree-duraa(I)	Gaammee xixiqqoo	Jabbileefi Bushaa'ee tiksuu
16 – 24	Korree/Bandaa Korree, kuusaa, Foollee	Foollee Kuusaa	Qarree-duubaa(II)	Gaammee gurguddoo	Shaakala Waraanaa Adamoofi
24 -32	Raaba	Raaba (Qondaala)	Kuusa	Kuusa	Garee waraanaa
32 -40	Qondaala/Doorii	Doorii	Raaba Doorii	Raaba Doorii	Shaakala Bulchiinsa sirna Gadaa
40 -4 8	Adulaa, Luba (Gadaa)	Luba (Gadaa)	Gadaa	Gadaa	Bulchaa (hogganaa) sabaa
48 – 56	Yuuba 1ffa, Luba siree	Yuubaa 1ffa	Baatuu	Yuuba duraa	Gorsaa
56 – 64	Yuuba 2ffa, Gaamessa	Yuuba 2ffa	Yuuba	Yuuba 2ffa	Gorsaa
64 – 72	Yuuba 3ffa, Beekaa,wayyuu	Yuuba 3ffa	Yuuba Guddaa	Yuuba Sadaffa	Gorsaa
73 – 80	Eebbisaa, Raagaa	Gadamoojjii	Jaarsa Guduruu	Gadamoojjii	Dirqamaa hinqabu
81- 88	Gadamoojjii	Jaarsa	Jaarsa Qulullu	Jaarsa	Dirqamaa hinqabu
89 – 96	Raagoo/Raagaa/	-	Jaarsa raqeya	-	-
97 – 104	-	Ginya	-	-	-
105 – 112	Raagessa Raagaa	-	-	-	-

Madda: Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa Jildii 1ffaa (2015: 99)

➤ **Sadarkaa Gadaa Ittimakoo (waggaa 0-8)**

Ittimakoon sadarkaan daa'immaaniiti. Da'imman umurii 0-8 qaban ittimakoo jedhamu. Riifensi mataa mucaa sadarkaa ittimakoo keessa jiruu hinhaadamu; Guduruu guddifata. Akkasumas ittimakoon maqaa kan argatu yeroo sadarkaa kana huluuqe, amma sanatti maqaa qoosaatiin waamama. Fakkeenyaaf Jaldeessoo yookiin Qamalee jedhamee waamama. Warri isaanii horii annanii kan hinqabaane yoo ta'an, gosatu annan kennaf malee dabballeen aannan hindhabu. Sadarkaa kanatti wa'ee safuu bu'uuraa baratu, fkn kan akka gadheefi gaarii, firaafi diina addaan baasuu baratu. Galgala galgala himtee (myth), taba hibboofi seenaa akaakayuufi abbaabileetuu itti himama.

➤ **Sadarkaa Gadaa Gaammee (waggaa 8-16).**

Mucaa sadarkaa ittimakoorraa rifeensi mataa haadamee, firri waamamee, firri waamamee ayyaani guddaan godhamme, kennaan goromsa tokkoo (gubbisa) erga godhameefii booda gara sadarkaa Gadaa Gaammee xixxiqaattii ce'a. Kana jechuun hammachiifamee maqaan baafama guyyaa hammachiisaa kanaa eegalee maqaa kanaan beekama. Ijoolleen sadarkaa dabballee bara afur booda gaammee haadatani, roggee filatanii, jabbii tiksuu, bishaan daakuu, farda gulufuu, sirba sirbuufi geersa geereruu baratu. Hidda sanyii yoo xinnaate hamma wamsaa kudha tokkoo beekuu qaban. Hojii tiksaa, qonnaa, adamoofi morkii ispoortii akkasumas, warri durbaa hojii jirbii fooyuu baratu. Waa'ee siyaasaa (mirga, dirqama, seerafi hawaasummaa) baratu.

Ayyaana ijoollee yookiin guyyaa kabaja ijoollee (ayyaana taaboree). Obbolaafi hiriya ofii wajjiin ayyaaneffatu. Guyyaa taaboree ijoolleen bixxillee dhadhaan nyaattee, farsoo buqqurrii dhugaa, sirbaa gammachuudhan, quufaan dabarsu. Yeroo gaammee haadattanu goromsa tokko dhuunfaatti nikaenamaaf. Karaa Uumatiin waggaa 16tti ijoolleen areedafi guntuta baasu: sagaleen isaanii nijijjiirama. Haaluma kanaan qoodnifi itti-gaafatumman isaanis nijijjiirama jechaadha ([http:// oromedia. net/sirna-gadaa/](http://oromedia.net/sirna-gadaa/)).

➤ **Sadarkaa Gadaa Foollee (waggaa 16-24)**

Gaammee didiqqaan Ukkee yookiin Unkee jala ba'uudhaan gara sadarkaa foolleetti ce'u Godoon Ukee eda ijaaramee booda isaa keessatti haati gurbicha wantoota barbaachisoo ta'an hundaa (Fkn Coqorsa Kichuu miila isaa irratti hirreeffachuu, bixxillee sagal caccabsuudhan itittuufi

aannan itti dhibaasuudhaan) erga qopheessitee booda hiriyoonna isaa bakka argamanitti eebiftee sirni ayyaanaa sirbaan calqabama. Sirbuma kana keessa gurbichi godoo cabsee karaa boroo keessaan baha. Sana booda ijoolleen maaliif godoo keenya keessa bahe jedhanii dhaanuuf itti fiigu. Innis arreedee yookiin dhaadachuudhan harkaa baha, ukee cabsee bahe jedhama. Ijoollummaa keessaa bahe jechuudha. Ciisa ijoolleetti baheetu mana jala buluu eegala. Ayyaani ukee kun yeroo gannaa rawwatama. Namni ukee bahe birraa masqalarratti giifattoo sirbee horii fudhata. Achumaan foollee sirbuu itti fufa.

Dardaroonni sadarkaa Gadaa foollee keessa jiran adamoo adamsuu, bineesi akka horii hin nyaane ittisuu, akkasumas barumsaa waraanaafi kkf. baratu. Biyya irra deemudhaan sirbaa foollisaa sabaan walbaru. Yeroo buttaan qalamu foolleetu korma kuffisee qaba. Cinaacha korma buttaa akkuma jirutti foolletu fudhata. Foollen foon buttaa akka leencaattii wal harkatti ciree nyaata. Yoo sirni buttaa jalate (seera irraa gore) Foolleen korma hinkuffisu, foonis hinnyaadhu jechuuf mirga qaba (fkn namichi buttaa qaluu fedha nama seera cabsee yoo ta'e). Foollee malee immoo buttaan hinqalamu. Foolleen seera malee nama hinsodaatu, waan jedhuu fedhe, saalfii tokko malee sirbaan ibsa. Foollisaa, yoo fedhe abbaa Gadaa nifaarsa (seera tolchuu irratti jabaa yoo ta'e) ykn nihabaara (seera yoo cabse). Dhiisi jedhama malee hinhadabamu.

Sadarkaa Gadaa Foollee keessatti dargagoon sirritti biyyas walis baru (hiriyyumaadhan wajjiin deemu). Booranatti, jalqabaaf koree hayyuu hiriyya jedhamu namoota jaha kan of keessaa qabu ofuma isaaniitii filatu. Akkuma sadarkaa Gadaa Ittimakkootii Foollee gidduutis Walmorkiin jiru kanuma qaamaa (Ispoortifi dandeetti adamoo kkf.) qofaadha. Yeroo isaanii isa irra caalaa waan wajjin dabarsaniif sirriiti wal beeku. Dur Foolleen yeroo ajeessu hin gaafatamu, du'us gumaa seeraan hinqabu jedhama.

➤ **Sadarkaa Gadaa Raaba (waggaa 24-32)**

Ce'umsi sadarkaa Gadaa kuusaa irraa gara sadarkaa Gadaa Raabaatti godhamu hangas sirna guddaa hinqaabu. Hayyoonni warri sadarkaa Gadaa Kuusaa keessatti filataman kan du'aniifi kan dadhaboo ta'an bakka buufatamu malee akkuma jirutti itti - fufuu. Warri sadarkaa raabaa hoogganan kun Aduulaa Raabaa jedhamuudhan beekamu ittigaaffatumaan isaanii ini duraa waraana hoogganuu yoo ta'u yeroo nagaa immoo aadaa, seeraafi Seenaa adda addaa baratu. Torban tokkoof jaarsoliisaan gorsan (barsiisan) wajjin ardaa- jilaatti ulma galu. Yerookana

Nama biraa waliin dubbachuun dhoowadha. Yeroo ulmaa fixanii bahan hiriyyoon isaansii damee muka daannisaa badhaasudhaan sirbaa siimatu. Isaanis kanaaf galata galfachaa daanisa sana irra dhaabatanii waliin sirbaa sirnichi xumuurama.

Sadarkaa Raabaa keessatti niitii fuudhuufi qabeenya dhuunfaa godhachuu nama irra eegama. Miseensi Aduulaa Raabaa ta'ee tokkoo fuudhuu akkasumas qabeenya dhabee yoo dhabee horii shan kan kottee afuriin adeemu qabaachuu isaan irra jira. Kana guutuu baanan umurii isaa guutuu Raabaa ta'eet hafa (Gadoomuu) hindanda'u jechaadha. Namni akkanaa qolee ykn cufattee jedhama. Cufateen nama waan waamuufi waan yaasu hinqabaaneedha. Cufateen hingadoomu malee waan yakka miti (mamni ofii ta'uu dadhabe biyyaafis hintta'u jedhameetti). Sadarkaan Gadaa Raabaa Waggoota saddeet idda xumuurre booda Raabaa Doorii jedhama. Warra Hayyuufi Abbootii Gadaa aangoo irra jiran irraa sirriiti muuxannoo argachuu akka danda'anu walumatti waggoota 13 sadarkaa Raabaafi Raabaa Doorii keessa turu. Sana booda nigadoomu.

Waggaa 40tti namni tokkoo waan hundaanuu nibilchaata yookiin muuxannoofi beekumsa gahaa nihargata, kanaafuu biyya bulchuufiitti gaafatuma fudhachuu nidanda'a jedheeti Oromoon amana (<http://oromedia.net/sirna-gadaa/>).

➤ **Sadarkaa Gadaa Qondaala (waggaa 32-40)**

Dursee galmi (Masari) guddaan gosa gosatti erga ijaaramee booda hayyoota (koree) Gadaa sadarkaa kanaa hoogganuutu filatama. Alaabaa mallattoo kuusaa (diimaa adii) kan ta'e erga dhaabatanii booda sirba Xunnee (kan umurii isaanii) fi sirba ce'umsa Mokkee jedhamu Sirbu. Abbootiin ijoollee kanaa (sadarkaa Gadaa 3ffaa yookiin Yuuba 3ffaa keessa kan jiranu), bakka faajjiin isaanii itti dhabbatte irraa jalqabuudhan sirba Mokkeetiin haadha manaa ofii (haadha ijoollee kuusaa) Faarsaa gara bosonaa deemanii damee muka mi'eessaa kan baala qabu muratanii qabatanii deebi'u. Baala mi'eesaa kanas karraatii suuqu. Haadhotiin ammo bishaan aannaniin makanii gabatee guutuu dhiyeessu. Abbootiin ijoollee bishaan aannanii kanaan rifeensa mataa ijoollee ofii laaffisanii irra erga haadanii booda morma irraati callee godhuuf.

Kanati aansee sa'an eelmamtu tokko jabbii ishii waliin badhaasa kan godhameef fudhatee hiriyyoota ofii wajjiin turban lamaaf bakka tokkooti ulma galu. Haadhoonni isaanii achitti Galaa

aannan fiduuf. Garuu ijoolleedhaan wal hin arganu. Galaa yeroo kennanu maqaa ilma ofii otoo hinta'in maqaa gosaa ofiitti waamuu. Torban lama booda wayyaa aadaa ufatanii Liichoo bokkuu xiqqoon itti hidhamee qabatanii galma ulmaa keessaa bahu. Horii badhaasaan fudhatan sana horii warra ofiitti dabalatu. Kana booda ulmaa bahe jedhama. Ayyaani kun boorana keessatti Ayyaana Goodiyyaa jedhama. Jarreen kun Foollee sirbaa horii sanbi kennuuf qalachaa nyaachaa, bineensaafi diina adamsaa bara saddeetif wal- faana turu.

➤ **Sadarkaa Gadaa Gadoomaa (waggaa 40-48)**

Sadarkaa hogganaa siyaasaafi amantii itti ta'amu. Sadarkaan Gadooma kun sirna bulchiinsa Gadaa keessatti sadarkaa murteessaadha. Warri aangoo qabachuuf carraa qaban warra sadarkaa Qondaalafi Raabaa Doorii keessatti dandeettii adda addaa agarsiisudhaan morkii hedduu keessa injiffannoon darban ta'u.

➤ **Sadarkaa Yuuba 1ffaa amma 4ffaa**

Jarreen kun warra 48 amma 80 keessa jiranidha. Yuubni warra aangoo gadi-dhiisee sadarkaa adda addaa keessa jiru. Ittigaafatumaan isaanis, keessatuu yuubni 1ffaan akka gorsituu, seera hiiktuufi seera murtuu ta'uun hojjata. Yuubni 4ffaan (Booranatti) immoo sadarkaa Raabaa Doorii (ijoollee ofii) wajjiin seera tumuu irratti qooda qabu. Akkasumas ijoolleen isaanii dorgommii (morkii) irratti injifatanii akka filataman nigargaaru. Kana malees yuubni gosaa keessatti wa'ee araaraafi misoomaa ilaalchisee tajaajjila guddaa biyyaaf kenna. Seerri, aadaanifi safuun akka hinbadne kan to'aatu yuuba sadarkaa adda addaa keessa jiranu. Tuulama keessatti yuubni warra Ayyaantuu (Qaalluu) wajjin iccitiidhan miseensota Gadaa filanii sabatti dhiyeesu. Tuulamni jaarsolee kana Guula jedheetti waama (<http://oromedia.net/sirna-gadaa/>).

➤ **Sadarkaa Gadamojjii (waggaa 80-88)**

Namni sadarkaaa Gadamojjii seenu umuriin isaa waggaa saddeetama tahee, nama sadarkaa gadaa darban kurnanuu seeran hulluuqe tahuu qaba. Ijoolleen gadamojjii aangoo qabatanii biyyaa bulchaa kan jiranidha. Umurii isaanii keessatti yeroo sadiif Gadaa ofii aangoo irrattii arguu warra danda'an jechuudha. Kana jechaan:

- Bara dhalatan, sadarka ittimakoo (umurii 0-8) keessa yeroo turan yookiin bara abbootiin isaanii biyya bulchaa turan.
- Waggoota afurtama booda, ofii isaanitii yeroo Abbootii Gadaa ta'an (aangoo qabatani)

- Waggoota saddeettama booda yeroo ijoolleen isaanii aangoo fudhatanii biyya bulchaa turan, paartiin keessa jiranu, fkn Meelbaan Wayita sadaffaaf naanna'ee yeroo dhufu jechaadha.

Ce'umsa irrattis sirni godhamu nijira, Sirni kun sirna Qumbii walirraa fudhachuu jedhama, Kunis sirna ce'uumsaati. Sirna kana irratti xinnaa guddaa otoo hinjedhamin sabni hundaa argamuu nidanda'a. Sadarkaa Gadamooggiitti darbuun sirna qaba; jaataniin sirna Gadamooggii akka armaan gadiitti ayyaanaffama. Bakka tokkotti galmi guddaan ijaarametu, keessaa duubni isaa akka gaaritti boxxolama. Galma sana karaa alaa miidhagsuuf, fakkiwwan warri amma Gadamooggii tahan kun yeroo dargaggummaa isaanii ajjeesan, diinas tahee bineensa fakkiin isaa halluu gaariidhaan gogaa irratti shoorameet fannifama. Galma keessammoo utubaan guddaan dhaabbateetu akka jabina isaanitti seenaan isaanii ilaalamee madaalliin isaanii olbutamee hidhama.

Namni biyyaaaf waan guddaa hojjate madaalliin isaa hunda caalaa jabaatee kan ormaa olitti hidhama. Madaalliin nama homaa hinhojjennee immoo lafa kaa'ameetu dagaleetti hirkifamaaf. Madaalota kabajaa, kan sirnaan kan hiikee buusu Torban Madaalaa warra jedhamantu dubartootan hoogganamanii "jila beeki! Rooban sii galee" jechaa sirbaan kabajaan ummata fuulduratti akka irraa jalaatti goota faarsaa hiikani buusu. Madaala jechuun qabee guddaa abbaan manaa aannan itti dhuguudha. Sirna kanarratti xinnaa guddaa otoo hinjedhamin, sabni hundumtu argamuu nidanda'a. Seenaan gootota kanaa nihimama: warri biyyaa waan jabaa hojjatan akka gootaati nifaarfamuu; nikabajamuu: isaanis nidhaadatu. Inni jireenya isaa keessatti goota tahee biyyaaf hojjate niboona. Inni homaa hinqabne immoo nigaabba. Gooti goota caalu filatameetu, ulfina isaatif jecha geessittii durbaa fuusisu. Missirroon isatti heerumtus ulfina qabdi. Sirni kun Fuudha Geessittii jedhama. Missirroon mana abbaa ofiitii baatee hanga mana isa ishee fuudhuu geessutti kabaja isheetif jedhamee wayyaan adiin afameetu irra adeemtii malee, miilan lafa hintuqxu.

➤ **Sadarkaa Jarsa Qululcha (waggaa 88-96)**

Sadarkaa gadamooggii keessaa gara jaarsaatti darbama. Utuma inni jiruu ilmi isaa isa dhaaletu horii isaa bulcha. Jaarsas nikunuunsa. Egaa akka adeemsa sirna Gadaatti ittimakoodhaa kaanee hanga jaarsa qullulchaatti bara saddeet saddeetin waljalaa olsiqaa sadarkaa Gadaa kudha

tokkorraa gaha. Sana booda amma lubuun jiranutti itti gaafatuma hinqabani; sabni jara kana amma lubbuun jiranutti nikunuunsa, niqananiinsas (Dirribii 2016:246).

2.1.9. Jiloota Sirna Gadaa Oromoo Maccaa Keessatti Kabajaman

Sirna Gadaa keessatti gareen Gadaa aangoorra ture tokko garee Gadaa itti aanee dhufuuf yeroo aangoo dabarsu jila guddatu qophaa'a. Hawasani Oromoo durii irra jalqabee jiloota adda addaa jiruufi jireenya isaa keessatti kabajaa kan tureef, ammas kabajacha jira. Sababni Oromoo jiloota adda addaa kana gaggeessuuf rakkoo jiruufi jireenya isaa keessatti isaan mudatan jiruufi jireenyi isaa akka qajeeluuf jiloota adda addaa kana gaggeessa. Gareen Gadaa tokko aangoorra kan turu waggaa saddeet waan ta'eef, jilli kunis kan qophaa'u waggaa saddeet saddeetiin ta'a. Jilli guddaan qophaa'u kun immoo jiloota xixiqqaa akka gurra urra, laga bu'aa, goodannaa yookaan dhaqna qabaa, madaala furaafi dhugoo baasuu ofkeessatti kan hammatu yoo ta'u, jiloonni kun martuu seeraafi adeemsa mataa isaanii keessa kan darban ta'a. Yeroon itti raawwatamanis tartiiba mataa isaa kan hordofuudha.

Jilli kun raawwatamuuf namoonni dirqama argamuu qaban jiru. Isaanis jilicha tarkaanfachiisuf qooda warra qabaniifi seera guutuuf warra barbaadamanidha. Namoonni kunis gurra urtuu, qadadduu, jaarsa hirkoofi kkf. Jiloota sirna gadaa keessaatti kabajaman keessa isaan muraasni; jaarraa utaaluu, gondoosoo gondoosuu yookiin gumaa, jiloota gulantaa sirna gadaa keessa yeroo gulantaa tokko irraa gara isa itti aanuutti yeroo ce'an kabajaman, guyyaa baalliin kennamuufi baalli walirraa fuudhan, guyyaa mallattoo Gadooma dubartootaa kan dubartiin mataarratti hidhatu, dhawanuu, hiikanufi kanneen biroo heddutti jira. Jamjam (2011: 290) waa'ee jiloota sirna Gadaa keessatti kabajaman yeroo ibsu.

The very crucial of ceremonies are the occasions of the maqbaasa (the day of becoming Kuusa for dabballe), raaboma (guyyaa banti haadanuu fi Midhoo dhawanu-the day of becoming raaba for kuusa), dooroma (gaafa Waddeessa muramu the day of becoming doorii For raaba) and gadooma(gaafa guutuu hiikani Guut-malaa dhawanu the day of becoming Gadaa for doorii).

Yaada kana yoo hiiknu jiloonni baay'ee murteessa ta'an yeroo isaani kabajaman; jila gaafa guyyaa maqbaasa kan warri gulantaa kuusa irraa gara dabballeetti dhufan kabajatan, raaboma jila gaafa guyyaa bantii haadanuufi midhoo dhawanu haa gulantaa raaba irraa gara kuusomatti ce'anu, dooroma jila gaafa Waddeessa muran haa dooromarra gara gadoomatti ce'uuf kabajamaniifi

gadooma jila gaafa doorii irraa gara gadoomatti dhufan kan warri dhiira gadoomuf kabajatanufi dubartoonni mallattoo Gadooma kan mataarratti hidhatanu yookin dhawatanu jechuudha.

Akka yaada barreessaa kanarra hubatamuutti jilooti murteessa tahan namni kamiyyuu kabajuun keessa ce’u jila dabballe, kuusoma, dooromaafi jila gadoomati. Keessumattu qabxiin ijoon qorannoo kanaan wal qabatu jila gaafa gadooma warri dhiiraa akkuma baallii fuudhuun abbaan gadaa kallacha adda mataa isaarratti hidhataan mallattoo gadoomaa isaan kabajataan warri dubartoota Okolee, dhagaarrafi uffata aadaa hidhachuun mallattoo gadooma dubartoota isaanii warra dhiiraatiin qixa kabajatu jechuudha. Gaafa jilli guddaan qophaa’u sana jalqaba kan taasifamu gurra uraa yoo ta’u itti aansee laga bu’aan raawwatama. Borumtii isaa immoo dhaqna qabaan yoo raawwatu turtii gaafa guyyaa shanaffaa madaalaa fuuraadha, turtii torbee lamaa booda sirni dhugoo baasuu taasifama.

2.1.10. Dubartootaafi Sirna Gadaa Oromoo Maccaa

Sirni gadaa kan uumame yeroo namni kamiyyuu biyya bulchuuf jajjabinni qaama barbaachisu keessa ture. Kana malees, duulee lafa hawaasa Oromoo irraa diinni fudhate jiruu deebisu danda’uuf, daangaa lafa Oromoo hunda keessa naanna’uun yeroo to’achuun kabachiisuu qaban keessa ture. Kanaaf akkaatan uumama yeroo sanarratti hundaa’uun kallattiin dubartoonni aangoo qabatee biyya akka hinbulchiine gochu mala. Yaada kana kan deeggaru Aayyahuu, Leeniinfi Gammachuun (2016:103) waa’ee kana yeroo ibsanu

Basically women cannot enter into gada age grade because they are married at certain age in the middle of their stay which forces them to join another clan on ather hund each age grades has role and responsibilities which often require separation from home and marching to distant desert areas. Because of their social responsibilities (nurturing children.)

Yaada kana yoo hiiknu dubartoonni umuri dhaloota keessa hindabartu. Sababni isaas, yeroo umurii kanarratti gosa tokko irraa gara gosa biraatti waan heerumtuuf. Gama biraatiin, tokko tokkoon gulantaale sanaa keessatti gaheefi itti gaafatamummaan maatii irraa adda bahanii lafa fageenya qabu gammoojjii keessa deemun waan jiruf. Yaada kanarra hubachuun akka danda’amutti, dubartoonni umurii dhaloota keessa sababni dhabamaniif akka warra dhiiraa gosa tokko ta’ani hinturan, gosa tokko irraa gara gosa biraatti waan heerumaaniif. Kana malees, tokko tokkoon gulantaale sirna gadaa keesatti itti gaafatamummaafi gahee adda adda waan qabuf dubartoonni maatii irraa fagaatanii itti gaafatamummaa kana bahuuf akka miseensa dhiiraa iddoo

tokko irraa gara iddoo biraatti deemu waan hindandeenyef itti gaafatamummaa sadarkaa sadarkaan jiru kana bahu hindanda'an yaada jedhu asirraa hubachuun nidanda'ama. Kanaaf sababoonni armaan olii kun dubartoonni kallattiin akka warra dhiiraa aangoo sirna Gadaa akka hinqabanne gochu mala.

Gama biraatiin, Zelalem (2012:118) waa'ee kana yoo ibsu "My informants while the answering to the question why women are excluded from gada system, he states that the reasons are imbedded in cultural, socio economic and biological factors" jedha. Yaada kana yoo hiiknu sababni dubartoonni gulantaa sirna Gadaa keessa dhabamteef, haala ijaarama aadaa hawaachisaa, haala diinagdeetiifi haala uumamatiin ta'u isaa ibsa. Akka yaada barreessaa kanarraa hubatamuutti dubartoonni umurii dhaloota keessatti kan hinhirmaanneef sababoota akkaata aadaa, diinagdeetiifi haala uumamatiin wal qabachuu isa agarsiisa.

Kana jechuun dubartoonni yeroo gulanta kana keessatti heerumuufi garaatti bachuu waan dandeessuuf gahefi itti gaafatamummaa sadarkaa kanarra jiru akka warra dhiiraa bahu hindanda'an. Akka fakeenyatti itti gaafatamummaa sadarkaa kanarra jiran yoo ilaale; looniin foora godaanu, lafa adda addaa keessa naanna'uun lafti hawaasicha irraa fudhatameeru yoo jiraate, waraanani deebisuufi kanneen biroo hedduutti jira. Kanaaf dubartoonni itti gaafatamummaa armaan olii kana sababa uumamatiifi haala ijaarama aadaa hawaachicha irraa kan ka'een bahu rakkisa ta'a jechuudha.

Gama biraatiin, sirni Gadaa akkaataa dubartoonni sirna Gadaa keessatti warra dhiiraatiin qixa dhimma siyaasaa, diinagdeefi hawaasummaarratti walqixa hirmaachisuu danda'aniifi mirga isaanii warra dhiraatiin qixa kabachiifatu akka danda'an jaarimiyonni adda addaa sirna Gadaa keessatti hundeeffamaniiru. Yaada kana kan deeggaru Aayyahuu, Leeniinfi Gammachuun (2016:104) yoo ibsanu;

There are a number of women based on institution in which their economic, political, social and cultural rights kept in equilibrium including wiggoo, ateetee, siinqee, qanafaa, and rakoo on these exclusive women institution women internal affairs are discussed and their right is guaranteed jedhu.

Yaada kana yoo hiiknu dubartoonni jaarimiyaa kanneen akka wiggoo, ateetee, siinqee, qanafaa fi rakootti gargaaramuun dhimma siyaasaa, diinagdee, hawaasummaafi aadaa irratti hirmaattu. Kana malees, karaa jaarimiyaa kanaatiin mirga isaani akka kabajamu hubachuun nidanda'ama.

Kanaaf yaada kanarra wanti hubatamu dubartoonni jaarmiyoota armaan olii kanatti gargaaramuun dhimma siyaasaa, diinagdee, hawaasummaafa aadaa irratti warra dhiraatiin wal qixa hirmaachuufi mirga isaanii akka ittiin kabajatan nu agarsiisa. Yaadni kun gama biraatii, dubartoonni umurii dhaloota keessa waan hindabarsineef sirna Gadaa keessatti gaheefi itti gaafatamummaa warra dhiraatiin qixa hinqaban namoota jedhaniif deebii qubsa ta'aaf. Kana malees, Jamjam (2011:114) irratti yoo ibsu;

In the process of promoting raaba in to doorii title, there are peculiar under taken that both men and women perform among exist the Qajimaa muriisa of women and Waddeessa muriisa of men which marks transformation of the whole generation set into the next level of socio political ranks (both the men and women) jedha.

Yaada kana yoo hiiknu adeemsa gulantaa yookin luba raaba irraa gara dooriitti ca'anuu dhiiraafi durbaatiin waliin keessa akka darbaniifi, miseensi dubartoota sirna Qajimaa muriisa akka gaggeesannuufi warri dhiiraa sirna Waddeessaa muriisa gaggeessuun gara luba itti aanuutti isaan lachuu ce'uu jedha. Akka yaada barreessaa kanarra hubatamuutti gulantaa sirna gadaa keessatti yeroo gulanata raaba irraa gara doroomatti ce'anuu warri dhiiraa sirna Waddeessa muriisa gaggeessuun dooroma irraa gara gadoomatti nagaan akka ce'ani sirna kana yoo gaggeessannuu, dubartiin immoo, sirna Qajimaa muriisa gaggeessuun akkuma miseensa warraa dhiiraa dooroma irra gara gadoomatti dabarti. Kun kan agarsiisu sirna Gadaa keessatti dhiiraafi dubartiinis siyaasafi bulchiinsa keessatti walqixa qoodafii itti gaafatamummaa akka qaban agarsiisa.

2.1.11. Gahee Dubartoonni Sirna Gadaa Oromoo Maccaa Keessatti Qaban

Sirna bulchiinsa Gadaa keessatti namni kamiyyuu guyyaa dhalate irraa eegalee gulantaalee adda addaa keessa darbu qaba. Tokko tokkoon gulantaalee kana keessatti gaheefi itti gaafatamummaa gara garaa fudhachuun keessa darba. Kanaaf, sirna Gadaa keessatti akkuma miseensi warra dhiiraa gaheefi itti gaafatamummaa adda addaa qaban. Dubartoonnis gaheefi itti gaafatamummaa adda addaa qabu. Gaheen dubartoonni sirna gadaa keessatti qaban keessaa muraasni; waldhabdee adda addaa furuu, jiloota adda addaa kabajuu, yeroo waraana warra dhiiraa eebbisuun yookiin abaaruu deeggaruufi yeroo rakkinni adda adda hawaasa muudatu bahanii waaqa kadhachuufi kanneen biroos nijiru.

Yaada kana ilaalchisuun Jamilaan (2014:2) Kuwe waabeeffachuun akka ibsitetti "Women of Oromoo fights with their siinqee when their rights are violated, when conflicts happen between

the same or different group neighbours, clans, nation etc. A women fights a battle with siinqee to control conflict” jetti.Yaada kana yoo hiiknu dubartoonni Oromoo yeroo mirgi isaani jala sarbame karaa siinqeetiin kabajatu. Kana malees, yeroo waldhabdeen garee tokko yookiin garee adda adda, gosaafi lammii giddutti uumamte dubartoonni karaa sirna siinqee kanaan to’atu jedha.

Gama biraatiin, Dejene (2009: 22) yeroo ibsu “When droughts occurs women gather under mokkoonnisa (corton mocrstachys) tree for prayers, known as uddoo afata” jedha.Yaada kana yoo hiiknu yeroo hoongeen hawaasa mudaatu dubartoonni muka mokkoonnisa jedhamu jalatti walitta qabamuun waaqa kadhatu. Sirni kun uddoo afata jedhama.Yaada kanarra wanti hubatamu akkuma warri dhiraa yeroo rakkinni kanneen akka dhabamu rooba, dhukkubni adda addaafi hoongeen hawaasa muudatan warri dhiiraa horooroo afatanii waaqa kadhatu. Dubartoonnis yeroo rakkinni akkanaa hawaasa muudatan akkuma miseensa warra dhiiraa bahanii uddoo afatanii waaqa kadhatu jedhameetu abdatama.

2.2. Yaaxxinaalee Qorannoon Kun Bu’ureeffate

Qorannoo tokko gaggeessuuf yaaxina bu’ura godhachuun gaarii ta’a. Kunsii beekumsa tokko argamsiisuuf daandii hayyootatti yookaan beektotatti agarsiisuuf qabu irratti bu’uruun hayyuun Dorson .R. (1972) jedhamu yaaxinoota fookiloorii jiran haala yeroo ammaa keessa fudhatama qabaniin bakka garagaraatti qooda. Akka hayyuun kun lafa kaa’etti gara Afaan Oromootti hiikamee yoo dhiyeessinu akka armaan gadii kana ta’a. Yaaxina haalaa, caasaa, seen-naannoo, irra deebi’anii ijaaruu, walakkeessa, aadaa bal’aa, faayidaa, xiinsammuu, aadaa hawaasaa, aadaa bu’uureffate, haalawaafi foormulaa afaanii kanneen jedhamanidha.

Qorannoon tokkos yeroo adeemsifamu qorataan yaaxina kallattiis yoo argachuu baate kan qorannoo isaa galmaan ga’uufi kaayyoosaa waliin deemuu danda’u jedhee keessaa filachuun itti gargaarama. Qorannoon kunis yaaxina faayidaa (functional theory) fi yaaxina aadaa hawaasaa bu’ura godhachuun kan gaggeeffamu ta’a.

2.2.1. Yaaxina faayidaa

Akka yaaxina kanaatti afoolli faayidaa inni uummataaf qabu maali? Isa jedhu ilaaluun hundarra murteessaadha yaada jedhuutu ollaantummaan mul’ata. Yaaxinni kun faayidaa afoolli saba tokkoo haala saayinsaawaa ta’een ibsamuuf kan tajaajiludha yaada jedhu ofkeessaa qaba.

Kanaafuu, namoonni afoolatti gargaaraman hundi haala barbaachisuummaa isaa hubatanii yookiin faayidaa isaa irratti hundaa’anii akka itti fayyadamaniif kan carraa kennu ta’uusaatu ibsama. Waan kana ta’eef akka yaaxina kanaatti afoolli tokko faayidaa isaatiin ala yoo ilaalame hiika qabaachuu hindanda’u; qo’annoon afoolaa gama faayidaa isaatiin gaggeessamuu qaba yaada jedhudha.

2.2.2. Yaaxina Aadaa Hawaasaa

Yaaxinni kun kan madde qo’attoota duudhaa kan ta’an kanneen akka Iorwarth peate, Don yoder fa’iin. Kaayyoon afoolaa kanaas afoolawwan kan keessatti hubannoon duudhaafi aadaa hawaasaa akka cimu taasisuudha. Bu’aan hawaasaa (waantota hawaasaan uumaman) xiyyeeffannoo argachuu qabaan yaada isaaniiti. Akka yaada yaaxina kanaatti qo’annoon hammayyaa ta’e yaaxina qofa kan giddu galeessa godhate miti. Odeeffannoo dirree kanneen waan seenaa durii, waan duriirra deebi’anii fayyadamuu, xiinsammuu hawaasaa akkasumas gama faayidaa isaatiin waa’ee afoola sanaa kan agarsiisudha.

2.3. Sakatta’a Qorannoowwan Walfakkii

Asjalatti qorannoowwan qorannoo kanaan walitti dhufeenya qaban sakatta’uun kan ibsamani taha. Karra itti walfakeenyaafi garaagarummaa qorannoowwan gidduu jiru adda baasuuf kan gargaarudha. Kanaafuu, qorannoowwan hanga ammaatti sakatta’amanii qorannoo kanaan walfakkaatan muraasni kan jiranidha. Isaanis: Inni jalqabaa qorannoon Addunnaa Muulisaa (2011) Mata duree “Sirna Gurra Uruufi Dhugoo Baasu Naannoo Shawaa irratti xiyyeeffate” kan jedhudha. Wantoonni qorannoo kanaan wal isaan fakkeessu keessaa muraasni waa’ee sirna Gadaa ilaalchisee ibsa waliin lafa kaahuu isaati. Akkasumas, meeshaawwan kan akka caaccuu, callee, kallachaafi kkf itti gargaaramuun walisaan fakkeessa. Dabalataan, akkaataa gurra uruu danda’anifi raawwiin raawwataman jiraachuu isaaniiti. Garaagarummaan isaanii garuu kayyoofi akkaataan ibsa yookiin qaaccessaa achi keessa jiranii kan adda isaan taasisufi inni gurra uruufi dhugoo baasurratti yoo xiyyeeffatu qorannoon kun immoo sirna Gadaa keessatti gahee dubartootaa irratti xiyyeeffata.

Inni itti aanu Alamuu Argasaa (2009) mata duree qorannoo “Sirna Buttaa Qalaa Ummata Oromoo Godina Shawaa Lixaa kan naaannoo Jibaat” kan jedhu irratti kan xiyyeeffatedha. Haata’u malee wanti walisaan fakkeessu duudhaa irratti xiyyeeffachuu, adeemsa qorannichi ittiin

adeemsifamu ilaalchisee guyyaa dhaabbataafi bakka itti raawwatan qabaachuu isaaniiti. Akkasumas, Gadaa kallattii dimookiraasiin ilaalu irratti xiyyeeffachuu isaaniiti. Wantoonni dhimmoota kana keessatti lagataman jiraachuufi sirnoonni tokko tokko kan akka araaraa, kennaa yookiin gumaanii hordoftootaan galu, sirni dhibaayyuufi kkf kan keessatti argamani kan walisaa fakkeessudha. Wanti adda isaan godhu qabiyyee fi kaayyoon isaanii kan gargar ta'edha. Akkasumas, akkaataan qaaccessaa kan adda ta'edha.

Inni biroon Qorannoo Amansiisaa Gonfaa (2011) “Xiinxala Sirboota Foollee Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu” kan jedhurratti kan xiyyeeffatu yoo ta’u wantoonni wal isaan fakkeessu meeshaaleen sirna kanaaf oolan kan akka caaccuu, Eeboo, siiqqee, calleefi kkf keessatti kan argaman ta’uu isaati. Akkasumas, maalummaa abbaa bookkuu ilaalchisee waan waaqaa bakka bu’ame akka uummatni safuu isaa eeggatee kallatti waaqni itti adeemsisuun akka gidduu deemsa raawwatuutti kan ibsamedha. Kun immoo abbaan bookkuu (ayyaantuun) icciitii dhokataa waaqarraa qabaachuun ykn ayyaanni kun namarra buluudhaan baraafi faloo hawaasichaaf kan dhaamaa’aa deemu ta’uun isaanii kan walfakkeessudha. Adda addummaan isaanii garuu kaayyoofi adeemsi isaa kan gargar ta’edha. Abbabaa Margaas (2007) mata dure “Qaaccessa Qabiyyee Sirba Gadaa Oromoo Tuulama” kan jedhurratti kan xiyyeeffatu yoo ta’u wantoonni wal isaan fakkeessu raawwiin isaanii sirna Gadaa keessatti ta’usaati. Adda addummaan isaanii garuu Abbabaan sirna Gadaa keessa sirba Gadaa Oromoo Tuulamaarratti hojjete qorannoon kun immoo sirna Gadaa keessaa gahee dubartoota Oromoo Maccaarratti adeemsi isaa kan gargar ta’edha.

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Boqonnaan kun tooftaalee qorannichaafi waantonni mala qorannichaa waliin walqabatan kanneen akka madda odeeffannoo, iddattoo, mala odeeffannoowwan ittiin funaanaman, mala odeeffannoon ittiin qaaceffamuufi kkf ofkeessatti hammata. Waantonni armaan olitti tuqaman kunneenis, bal’inaan armaan gadiitti ibsamani jiru.

Akkuma boqonnaa tokkoffaa keessatti ka’umsa jalatti ibsamuuf yaalametti, xiyyeeffannaan qorannoo kanaa inni guddaa gahee dubartoonni sirna Gadaa Oromoo Maccaa keessatti qaban qaaccessuudha. Gahee dubartoonni qabaaniifi adeemsi raawwii isaa hawaasa sana keessatti waan argamaniif gahee dubartoota cimsuuf, adeemsa raawwii isaa, abbootiin Gadaa gargaaramuun gahee dubartoota barsiisuu isaanii, karaa adda addaatiin qaaccessuuf gargaara. Ragaa argatanii faayidaa isaa qaaccessuuf immoo, garee adda addaarraa odeeffannoo funaanuu, qabiyyeewwaniifi adeemsota gahee dubartoota ittiin qorataan qorachuun barbaachisaadha. Dhimmootaa kanaa qorachuuf immoo, qorannoo qulqulleeffataatti gargaaramuun gaarii ta’a. “Qorannoon aadaa hawaasaa waliin walqabatu geggeessuuf, qorannoo qulqulleeffataatti gargaaramuutu garii ta’a.” (Dastaa, 2013:30).

Sababni isaas, gosti qorannoo akkanaa odeeffannoo afgaaffiifi marii gareetiin kallattiidhumaan hawaasicha keessa galuun funaanamu gadi fageenyaan ibsa. Gosa qorannoo kanaa keessatti ragaaleen qorannoodhaaf funaanaman gabatee, giraafii, chaartiifi kkf niin kaa’amanii ibsamuu waan hindandeenyeef, gosa qorannoo birootti gargaaramuun rakkisaa ta’uu danda’a.

Akka Spradley (1979) ibsutti, qorannoon aadaa hawaasaa irratti geggeeffamu waa’ee hawaasichaa qorachuurra darbee hawaasicharraa barachuurratti xiyyeeffata, yaada jedhu of keessaa qaba. Kun immoo, odeeffannoon kallattiidhaan hawaasicha keessa galuun waan funaanameef odeeffannoon argame gadi fageenyaan xiinxalanii ibsuudhaan waan duraan hinbeekammellee ifa baasee kan namatti mul’isudha.

Qorannoon geggeeffame kun “Qorannoo Aadaa Hawaasaa” jalatti ramadama. Qorannoon gosa akkanaa waan jiruufi jireenya dhala namaa keessa jiru (duudhaa, dandeettii, dadhabina, fedhii, jaalala, jibba...) daawwachuun, gaafachuun, yaadannoo qabachuufi waraabuun ragaalee

funaannata. (Solomon, 2004). Haaluma kanaan, qorataan kunis, ragaalee bifa garaagaraatiin sassaabaman gadi fageenyaan xiinxalee tokko tokkoon adda baasee ibsee jira.

3.2. Madda Odeeffannoo

Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa madda tokkoffaafi lammaffaadha. Sababiin isaa, maddi odeeffannoo tokkoffaan odeeffannoo qorannichaa gahee dubartoonni sirna Gadaa Oromoo Maccaa keessatti qaban: Godina Shawaa Lixaa Aanaa Dandii adeemsa sirna Gadaa irratti argamuun adeemsaafi sirna isaa daawwachuufi namoota dhimma kanarratti hirmaachuun sirna isaa beekan kallatumaan dubbisuudhaan kan argamedha. Akkasumas, immoo waajjira Aadaafi Turizimii Godina Shawaa Lixaa Aanaa Dandii keessa jiran keessaa qaama dhimmi kun ilaallatu dubbisuudhan kan argamedha. Keessumattuu, waajjirri kun immoo dhimmichaaf odeeffannoo kennuu irratti akka madda tokkoffaatti tajaajiluu danda'a. Maddi odeeffannoo lammaffaan barruulee dhimma duudhaa kanaan walqabatan sakatta'uun kan argamedha

3.3. Tooftaa Iddattoofi Iddatteessuu

Qorannoo geggeessuuf iddattoo filachuun waan hinoollidha. Iddattoon qorannoo keessatti bakka tokko qofatti otoo hintaane sadarkaa adda addaatti ilaalamee filatama. Flick (2002:61) yoo ibsu, The issue of sampling emerges at different points in the research process. An interview study is connected to the decision about which persons to interview (case sampling)...Furthermore, it emerges with the decision about which of the interviews should be further treated i.e. transcribed and interpreted (material sampling). Finally, it arises when presenting the findings; which cases or parts of texts are best used to demonstrate the finding (presentation sampling).

Akka yaada kanaatti qorannoon tokko yemmuu geggeeffamu iddattoon namoota afgaaffiif dhihaatan ittiin filachuuf qofa kan itti fayyadamnu otoo hintaane bakka sadiitti itti gargaarama. Jalqaba namoota odeeffannoo kennuu danda'antu filatama; Achiis wayita odeeffannoon funaaname hiikamuufi qaaceffamu itti fayyadamama. Ragaan qaaceffamee bu'aan qorannoo erga beekamee boodas firii qorannoo sanaa qaama dhimmichi ilaaluuf dhiheessuufi agarsiisuuf kamtu akka dhihaatu kan ittiin filamuudha.

Iddattoonis adeemsa kanaan kan filatamu yoo ta'u, innis jamaa qorannoon irratti geggeeffamu keessaa namoota filachuu jechuudha. Iddattoo filachuun kan barbaachiseef ammoo, yeroo, maallaqa, humna namaafi kkf qusachuuf yaadameeti. Haaluma kanaan, namni qorannoo

geggeessu tokko iddattoo filachuuf tooftaalee hedduutti gargaaramuu danda'a. Tooftaaleen kunniinis akkaataa qorannicha waliin deemuu danda'anitti ilaalamani kan filataman qoratanidha. Kanaafuu, iddattoowwan adda addaa hojii qorannichaa galmaan ga'an filachuun mala isa bu'uura qorataan itti gargaaramu ta'a. Malli kunis, mala ibsaa qorannoon ittiin dhihaatu ykn geggeeffamudha. Mala kana keessatti iddattoowwan hedduu fayyadamuurra iddattoowwan dhimma qorannoon irratti geggeeffamu waliin walitti dhufeenya cimaa qaban muraasarraa odeeffannoo ga'aa ta'e funaanuu irratti xiyyeeffata. Namoota sirna Gadaa keessatti gahee dubartoota irratti beekumsaafi muuxannoo qaban namoota 11 irraa odeeffannoo funaaname. Kana malees, gandoota Aanaa Dandii jiran keessaa ganda Jawwee burii, Giincii 01fi Giincii 02 irratti geggeeffame jira.

3.3.1. Iddattoo Dardaadabarsa

Qorannoo kana haalaan adeemsisee odeeffannoo fudhatama qabuufi qabatamaa ta'e argachuuf iddattoowwan ofeeggannoon filachuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, malli iddattoon qorannichaaf ittiin filatame iddattoo eerummaati. Malli kun irra caalaa kan filatameef qorataan namoota sirna Gadaa Oromoo Maccaa bal'inaan beekan ofii isaatiif waan hinbeekneef namoota yeroo dheeraaf hawaasa kana keessa turan odeeffannoo bal'aa kennaniif kan argatu mala kanaan waan ta'eef mala kana filate. Mala kanaa namoonni naannoo sana jiraatan namoota sirna Gadaa bal'inaan beeku jedhaman bira dhaqamee odeeffannoon irraa funaaname. Kanaafuu, malli kun iddattoowwan muraasa odeeffannoon irraa argamu argachuuf mala filatamaadha.

Namoota aanaa qorannoon keessatti geggeeffame sana keessa jiraatan mararraa odeeffannoo funaanuufi qaaccessuun sababa hanqina yeroofi humna namaarraa kan ka'e, humna qorataatii ol ta'uu danda'a. Kanaafuu, baayi'na waliigala keessaa jaha (6) filachuun, tokko tokkoo namoota kanaas bira ga'uun odeeffannoon kan irraa funaaname mala eeruun funaanameera.

3.3.2 Iddattoo Akkayyoo

Malli kun mala iddattoon ittiin filatamu keessaa isa tokko yoo ta'u, namoota dhimmicha beekan jedhamanii yaadaman xiyyeeffannoon yookiin itti yaaduudhaan filatamaniiru. Kunis namoota kallatti gara garaatiin dhimmicha waliin walitti dhufeenya qaban odeeffannoo gaarii ta'e argachuuf nama dandeessisa. Odeeffannoonni mala itti yaadeetiin argamanis dura bu'aawwan

waajjiraa Aadaafi Tuurizimii Aanaa Dandii hojjetaan lama (2) irraa odeeffannoon funaaname dhiyaate jira.

3.4. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo

Meeshaaleen funaansa odeeffannoo kamiyyuu dhibbaan dhibbatti odeeffannoo sirritti fudhatama agarsiisuuf gahaa ta'e akka hin jirre kumar (2005:119) yoo ibsu "Non of the methods of data collection provides 100% accurate and reliable information."jedhe. Yaada kanarraa meeshaaleen odeeffannoo funaanu kamiyyuu hanqina qabaachuu akka danda'u hubanna. Haata'u malee, qorannoo kana gaggeessuuf qoratichi meeshaalee mijatoofi odeeffanno gahaa nihargamsiisu jedhee kan filate afgaaffii, marii garee, sakatta'a barruufi daawwannaa dirreetti dhimma baheera /gargaarameera/.

3.4.1. Afgaaffii

Af-gaaffiin namoonni lama yookaan isaa ol walitti dhufuun yaada sammuudhaa qaban tokkorratti kan waliin dubbatan ta'uu kumar (2005:123) yoo ibsu "any person- to-person interaction between two or more individuals with specific purpose in mind is called an interview." Jedha. Kanumaan walqabatees, kotharin (2010) meeshaan odeeffannoo funaanuuf afaaniin deebii kennuurratti kan hundaa'eefi caalmaadhaan qorannoo gadifageenya barbaaduuf kan oolu ta'uu ibsa. Haaluma kanaan, qoratichi afgaaffii dursa qopheeffachuudhaan, jechoota walfakkaataafi duraa duuba walfakkaataadhaan odeefkennitootaaf dhiyyeessuudhaan odeeffannoo guurrateera. Walumaagalatti, meeshaan kun kan namoota dhimmichi ilaallatuuf qoratichi eenyummaafi kaayyoo ofii ibsuun odeeffannoo irraa funaannatudha. Kanaafuu, meeshaa funaansa odeeffannoo kanaatti gargaaramuun qoratichi gaaffilee banaa Afaan Oromootiin qopheessuun namoota adeemsa gahee dubartoota sirna duudhaa Gadaa kana beekanii jaarsolii 4, haadhota 2fi hojjatoota waajjira aadaafi turizimii aanaa sana keessa jiraniif namoota 2f walumagalaatti namoota 8 irraa hanga tokko odeeffannoo gaafa guyyaa (08/08/2011-20/08/2011) walitti qabateera.



Suura 1: Suura afgaaffii ittigaafatama waajjira Aadaafi Tuurizimii aanaa Dandiifi haadha Siiqee aaddee Boggaalaach wajjin afgaaffii taasifamee (qorataan 20/09/2011 kaase) agarsiisuu.

3.4.2. Marii Garee

Yeroo ammaa sababa adda addaankan ka'e waltajjiin milka'aa, gahee dubartoonni sirna Gadaa Oromoo Maccaa argachuun baay'ee rakkisaadha. Kanaafuu, waltajjii marii garee mataa ofii qopheessuun barbaachisadha. Marii garee ilaalchisee Neuman, (2007: 88) akka ibsutti isa namni tokko beekuu, inni biraa hinbeekuu, kan tokko dagate inni biroon itti dabaluu nidanda'a. Kanaafuu, odeeffannoo gahaafi amansiisaa ta'e argachuuf mala kanaan qorataan kun odeeffannoo kennamu dhaggeeffachuun yaadannoo qabachuufi sagalee waraabbachuuf adeemsifama.

Dastaan (2002: 9) waa'ee marii garee yemmuu ibsu "Dhimma murtaa ta'e tokko irratti kan qorataan hirmaattota marisiisuun argatudha". Namoota muuxannoofi beekumsa gahee dubartoonni sirna Gadaa Oromoo Maccaa keessatti qaban garee xiqqaa tokko keessatti namoota 3 hawaasa keessaa filatame. Marichis yeroo tokkoof geggeeffame jira. Namoonni gaaffii gareen kennameef erga sirritti gareen irratti mari'atanii booda, odeeffannoo waraabiifi yaadannoon fudhachuun sassaabameera. Sababni tooftaan kun filatames odeeffannoo gahaafi ifa ta'e nikenna jedhamee amanama.

3.4.3. Daawwannaa

Daawwannaan meeshaalee odeeffannoon jalqabaa funaanuuf oolan keessaa tokko akka ta'efi karaa gocha tokko ittiin daawwachuun yookaan dhaggeeffachuun odeeffannoo funaannu ta'uu kumar (2005) yoo ibsu "observation is one way to collect primary data. It is a purposeful, systematic and selective way of watching and listening to interaction or phe nomenon as it takes plase" jedha. Kanaafuu, meeshaa kanatti fayyadamuun qoratichi gahee dubartoonni sirna Gadaa

Oromoo Maccaa keessatti qaban Godina Shawaa Lixaa Aanaa Dandiitti argamuu keessatti hirmaachuun gaafa guyyaa (27/05/2011)fi (20/08/2008) gahee dubartoota daawwateera. Yeroo daawwatus iddoo tokko tokkotti yaadannoo barbaachisaa ta'e qabachuudhaan, akkasumas, suuraa kaasuudhaan ragaaleen barbaachisoo ta'an qabatamaatti walitti qabamaniiru.

3.4.4. Qaaccessa Dookumentii

Qaaccessi dookumeentii meeshaalee funaansa ragaalee keessa isa tokkoodha. Qorannoo kana keessatti Sakatta'a dookumentii jechuun adeemsa qorannoon tokko geggeessuu keessatti tooftaa qorannoon sun fudhatamummaafi dhugummaa isaa mirkaneeffachuuf kitaaba, galmee, barreeffamoota bifa adda addaatiin hayyoota garaa garaan barreeffamanii kaa'aman hanqina muudateef qorannichi akka galma ga'u sakatta'uun qorannicha cimsuuf kan gargaaruudha.

3.5. Meeshaalee Waraabbii

Odeeffannoon qorannoo kanaaf oolaan yeroo sassaabaman keessatti ragaaleen bifa waraabbiiitiinis walitti qabamaniiru. Meeshaaleen waraabbii aloola qorannoo kanaaf itti gargaaramee odeeffannoo sassaabe kunniins, waraabbii viidiyoofi kaameraadhaani. Waraabbiin iddoo raawwii sirna Gadaa jirutti argamuun waan isaan jedhan hunda waraabuudhaan akkaataa mijatuun akka qindaa'an ta'aniiru. Akkasumas, kaameraan ammoo afgaaffiifi iddoo sirna Gadaatti qabxiilee barbaachisoo ta'an waraabuufi kaameraadhaan kaasuun galmee barbaachisu argadhee kana immoo gara 'CD'tti ragaalee funaanaman jijjiiree jira.

3.6. Naamusa Qoratichaa

Qorannoon tokko jalqabaa kaasee hanga dhumaatti yeroo gaggeeffamu keessatti qoraticharraa waanti eegamu inni jalqabaa naamusadha. Haala kana keessatti qoratichi hawaasa bira jiraachuudhaan akka isaaniitti yaaduudhaanifi dhimmaa aadaa hawaasichaaf safuu eeggachuun waliin haasawaa marii dhimma hawaasichi gaafatuuf deebii deebisuun gaaffilee saanii osoo hintuffatiin deebisuun murteessaadha. Dabalataan, akkaataa uffannaa isaanii, aadaa, nyaata, amantaa, jechoota kabajaafi saalfii iddoo namni argamuu qabuufi hin qabneefi k.k.f. addaan baasanee sakattaa'e tokko tokkoon gama naamusa ogummaatiin jidduutti argamee odeeffannoo isaa funaannatee qorannoo isaa milkeessuu qaba.

Kana yoo ta'uu baate qorataan sun haala barbaachisuun odeeffanno qorannoo isaa haalaan milkeessuu hawaasa naannichatti argaman irraa funaannatee qorannoo isaa akkaataa isa irraa

eegaamuun galmaan gahuun baay'ee kan ulfaatudha. Kanumaan walqabatee qorataan kun duraan dursee maanguddoo Raggaasaa Gonfaa jedhamu gaafa guyyaa 09/08/2011 fudhatee gara mana warra abbaa Gadaa kana dhaqe. Isa booda dhimmoota barbaachaa dhaqneef erga itti himnee booda abbootti Gadaa kana eeyyamsiisuun suuraalee barbaachisoo ta'an kaasuufi odeeffannoo gadi fageenyaan irraatii argadheera. Wantoota bifa suuraan argaman kanaafi odeeffannoo kana gadi fageenyaan kanan itti fayyadameefi ibsa isaa waliin kan taa'anidha.

3.7. Qindeeffamaafi Mala Qaaccessa Ragaalee yookiin Odeeffannoo

Qorannoon kun odeeffannoo afgaaffii, marii gareefi daawwannan argame tartiiba isaanii eegachuun tarreeffamanii qaaceffamu. Dastaan (2002:10) kana jechuun ibsa, odeeffannoo yookiin ragaalee qorannoon akkamtaa qorattoonni haaluma isaanii mijateen kan deeman akka ta'e mul'isa. Kanamalees, Addunyaan (2011: 62-63) qaaccessa raga yoo ibsu malli ibsaa dhimma qoratu sana ilaalchisee maaltu akka ta'eefi maaltuu akka ta'aa jiru addaan baasuudhaan jijjiiramoota akkuma isaan yoomessa uumamaa keessatti argamanitti kan ibsudha. Qorannoo kana keessatti odeeffannoon mala afgaaffii, sakatta'a dookumantii marii gareefi daawwannaatiin walitti qabaman muuxannoo qoratichaafi qorannoo mana kitaabaa bu'uureffachuun qindaa'aniiru. Haaluma kanaan, adeemsa sirna duudhaa sirna Gadaa irratti ragaalee namoota waa'ee gahee dubartoonni sirna Gadaa keessatti qaban beekaniifi waajjira aadaafi turizimii keessaa argaman haala walitti dhufeenya qabuun qindaa'anii qaaceffamaniiru. Odeeffannoon afgaaffiin argamanis walkeessa nyaachifamuun qaaceffamani. Haaluma kanaan, qoratichi odeeffannoo karaalee afgaaffitiifi daawwannaatiin argaman fakkeenyaafi ragaadhaan deeggaruun qaaccessa. Dhumarrattis, odeeffannoon guuraman karaa ibsaatiin yookiin mala akkamtaa yookiin qulqulleeffataa fayyadame. Deebii walfakkaatan kanneen kennan yaada bu'uura fudhachuun irra deddeebii hambisuun qacceefama. Hiika argatanii argannoo barbaachisaarra gahanii jiru. Tartiibolee armaan gadii hordofuun qacceeffamu.

- Iddattoon odeeffannoo qulqulluu kennuu isaanii adda baafachuu
- Yaadolee gaaffilee bu'uura adda baasuu
- Odeeffannoo walitti dhufeenya qabaniifi hin qabne adda baafachuu
- Yaadolee hin barbaachifne keessaa hambisuu.
- Yaadolee walsiman walitti fiduun yaada cuunfuu goolaba irra gahuu.

BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti ragaawwan mala afgaaffiitiin argamantu qaacceffama. Kunis, gaaffilee bu'uuraafi kaayyoo qorannichaa bu'uura godhachuun kan dhiyaatudha. Dhimmoota sirna Gadaa sababa godhachuun afgaaffii yaadolee adeemsa ittiin dhiyaatu, yoomessa duudhaan sun ittiin dhiyaatu, faayidaa sirni duudhaa kun qabu, sirni duudhaa kun eenyuun akka raawwatamaan, akkaataa sirnichi ittin dhiyyatu, hirmaattonni ilaalcha akkamii akka qabaniifi haala nyaataafi uffannaa sirna Gadaa kana keessatti argaman ilaalchisee wantoota achii keessatti ka'uu qaban deebisuun kan xiinxalamedha. Kana yeroo jennu wantoonni sirna duudhaa kanaan walqabatanii ka'an waan hedduudha. Akkuma armaan olitti ka'amuuf yaalameetti gaaffilee afgaaffii keessatti ka'aniif deebii armaan gaditti walitti qabamuun cuunfamee kennamuun haala namaaf ifa ta'uu danda'uun suuraan dhimma duudhaa kanaan walqabatan bifa adda addaatiin dhiyyachuun kan qaacceffamanidha.

4.1. Sirni Gadaa Oromoo Maccaa Yoomiifi Eessatti Gaggeeffama

Sirni Gadaa yoomifi eessatti akka eegale yoo beekamuu batellee Oromoonni waggaa dhibba shan gararraf ittiin hojjataa turaan (Gada Malbaa 1981). Yaadaa kana deeggaruun Abbaa Gadaa Roobalee Abbaa Soorin (2012) "Sirni kunis yeroo kana eegale jedhanii yoo kaa'u baatanis bara 1522 dura bara dheeraf karaa walxaxaa ta'een akka hojiirraa oolaa ture hayyoonni hedduun irratti walii galu" jechuun ibsa. Akkasumas Gadaa melba (1981) dhufteefi seenaa sirna Gadaa yoo ibsu, "Sabni Oromoo yeroo dheeraaf sirna Gadaan bulaa utuu jiruu hakuuccaa alagaa irraa kan ka'ee dhaabbatee ture. Yeroo muraasa booda garuu rakkinni kun dhabamee nagaafi badhaadhinnii yeroo deebi'u Gadaanis deebi'e" jedha. Walumaa galatti Gadaan yeroo dheeraan duraa kan ture ta'uu isaa malee bakkaafi yeroon inni itti eegale akka hinbeekamne yaada hayyoota armaan olii kunneen irraa hubachuu dandanya.

Keessumatti, Bara 1270 (bara ka'umsa Yukuno Amlaak) irraa eegalee hanga dhumaa jaarraa 15ffaatti Oromoon dhiibbaafi roorroo humnoota kiristaanafi Islaamaa jala akka ture ragooleen nihibsu. Roorroo kana ittisuurratti goototafi hayyoota hedduutu wareegame. Kanaraa kan ka'e sabni Oromoo walakaansaa manaafi biyya abbaa ofii gadi lakkisee waan qabu fudhatee gara kibbaafi bahaatti godaane. Achittis dhiibbaan ittuma fufe. Kana booda Oromoon gara waggaa dhibba tokkootif roorroo kana ofirraa ittisuuf mala dhahaa ture, keessumaa bara Gadaa Gadawoo Galgaloo 1470 moota keessa haala karaa lolaatin biyyaa ofii falmanii deebifachuuf

akka tolutti of ijaaruun barbaachisaa akka ta'e amanee hawaasa umuriin ijaaree, akka umurii isaatti dirqama itti kenne. Gadaan inni jalqabaa akka haratti waan ijaarameef “ Gadaa mala haaraa baase yookiin Gadaa malbaase (malbaa) jedhamee hayyootan moggaafamee beekkama.

4.2. Ilaacha Hawaasni Oromoo Maccaa Sirna Gadaatiif Qaban

Kabaja dubartoonni sirna Gadaa keessatti qaban ilaalchisee iddattoonni filaman yommuu deebii kennan, dubartoonni sirna Gadaa keessatti kabaja guddaa qabu. Akka amantaa sirna Gadaatti dubartiin cubbuu hinqabdu. Waaqayyoon dhiira caalatti wal-qunnamuu dandeessi. Ishiin qulqulluudha. Laaftudhas. Kanaaf, waaqayyoon nidhaga'aaf, sagaleen ishiis waaqayyoon biratti jaalatamaadha. Gama biroon haati manaa abbootii Gadaa, qaallufi hayyuu hundaa kabajaadhuma abbaan manaa isaanii hawwaasa biratti qaban qabu.

Akkasumas mana cidhaas ta'ee kan Gadaa keessatti daadhii dubartii dursanii hindhugan. Foon diimas namni dubartii dursee hindhandhamu. Dubartiin wanta barbaadde yoo kadhatte hawwaasa irraa hindhabdu, yoo wanta hinjirre ta'e malee. Sirna Gadaa keessatti wanti dubartiin kadhattee dhabde tokko waanuma kadhatame sanatu hinjiru yookiin namuma kadhatame sanatu hinjirre jedhamee fudhatama.

Sirna Gadaa keessatti dubartootaf kabajni akka godhamuu qabu seerri tumame nijira. Seerri kunis kan armaan gadiiti;

*Lafee hin cabsan !kanatu seeraa!
ilkaan hin cabsan! kanatu seeraa!
Dha'anii hin miidhan! kanatu seeraa!
Hin dha'aniyyu! kanatu seeraa!
Arrabsanii hin miidhan! kanatu seeraa!
Hin arrabsaniyyu! kanatu seeraa!*

Jechuun kan abbootin Gadaa tumanidha. Kunis dubartoonni kabaja guddaa waan qabaniif, akkasumas qaamni isaanii uumamaan lallaafaa waan ta'eef kunuunsa kan barbaadanidha. Kanaaf miidhun barbaachisaa miti. Gama biroon haadha nama deessefis kabajni godhamuu akka qabu sirni Gadaa nigorsa. Gorsii kunis haala armaan gadiin dhiyaata.

*Hadha sideesse hin millatin
Ija guuttee fuula ishii keessa hin ilaalin
Hin arrabsin
Dha'uu mitii hin darbatin
Akka ariitee dhaqqabdu
Akka baqattee wanta hamaa hunda jalaa baatu yoo barbaadde jalaa dheessi jechuun gorsu.*

4.3. Sirna Gadaa Oromoo Maccaa Keessatti Hirmaattoonni Eenyuu Faadha

Gaaffiin Waa'ee hirmaatoota sirna Gadaa ilaalchisee gaafatame akka armaan gaaditti qindayee dhiyaate. Sadarkaleen Ummataa Oromoo hundi saalafi umurii osoo hindandeessiin nihirmaatu. Keessattuu namoonni Gadaa qaban hundi Sirna Gadaa keessatti gahee mataa isaanii qabu waan taheef hundi hirmaachuu qabu. Qooda olaanaa kan qaban akka Aanaa keenyaatti abbaa bokkuu, Taaffasaa Araarsaa, abba Kormaa, abba dulachaafi miseensota bayii fudhataniifi kennan fa'adha. Qaalluun nihebbisa, Guulli nihofkaalcha, dubartoonni jiituu qabatanitu gadoomsuu guutuu taasisu. Yeroo Gadaa Qaluu dargaaggoon biqilaafi annaan qabatanii duudha sana guutuu. Sirna Gadaa keessatti abbaan qaleera yoo tahee dhalloonna abba sanii nihirmaatu. Abbootii Gadaa, Abbaa Bokkuu, dargaagoota, Mangudoota, warra achii as buttaa qala ture, yoo maatiin isaanii hinjiran tahee gudifachaadhaan qaluu danda'a. Sabni Oromoo Gadaa kana hinqallee sirna kana midhaksuuf itti hirmaata.



Suura 2: Suura hirmaatoota sirna Gadaa Oromoo Maccaa (qoratan 20/08/2011 kaase) agarsiisuu.

4.4. Gahee Dubartoonni Sirna Gadaa Oromoo Maccaa Keessatti Qaban

Gaaffii waa'ee gahee dubartoonni sirna gadaa keessatti qaban ilaalchisee gaafatamaniif maanguddoonnifi haadholiin akka iddattootti fiilaman yommuu deebii kennan, dubartoonni Oromoo sirna Gadaa keessatti gahee guddaa qabu. Sirni Gadaa kunis dhiira yookan dubartoota qofaan kan milkaa'u miti. Raawwii sirna gadaa keessatti dhiironnis dubartoonnis gahee mataa isaanii qabu. Gahee dhiirotaa dubartoonni gahee dubartootammoo dhiironni raawwachuu hin danda'an. Kanaaf raawwi sirna Gadaa keessatti saalli lachuu dirqama kan barbaachisudha.

Akkuma dhiironni sirna Gadaa keessaatti gahee qaban dubartoonnis gahee mataa isaanii gabu. Gadaan akka ofkalu, akka jiraatufis gahee guddaa tabatu. Kanaaf, dubartoonni of kalchituu sirna Gadaati jechuunillee nidanda'ama. Gaheen dubartoonni sirna gadaa keessatti qaban kunis, raawwii sirna Gadaa keessatti, qophii dursa godhamu, kan guyyaa sirnichi raawwatuufi erga sirnichi darbee rawwatan kanneen akka: nyaataf dhugaatii qopheessuu, gumaata fiduu, gurra uruu, sadarkaa Gadamoojjii yeroo gahaan sadarkeessuu, dirriba uffachuun eebbisuu, kalaala hidhuufi kan kana fakkatan keessatti gaheen dubartoonni qaban guddaadha.

Sirna Gadaa keessatti dubartoonni biyya bulchuufi duula deemuf carraa hinargatan. Kana jechuun dubartoonni biyya bulchuuf yookan duula deemuf ga'umsa hinqaban jechuu miti. Akka amantaa sirna Gadaatti dubartoonni akka hiddi latinsa ilma namaa hincinne kan godhan itti fufinsa sanyii ilma namaa waan ta'aniif duubatti ambifachuun barbaachisaadha. Maatis kan kunuunsu isaani. Uumaa waaqarraan kan ka'e garuu lafa onaa deemunis isaanitti hintolu. Kanumarraa ka'uun dubartoonni akka biyya hinbulchineefi duula hindeemnef dhorkamu malee, akkuma dhiirotaa dandeettii niqabu. Sirna gadaa keessatti dubartoonni kallattiin filamanii biyya bulchuu baatanis gama siyaasan gaheen isaan qaban xiqqaa miti. Sirna gadaa keessatti abbaa gadaas ta'ee hayyuun abbaa gadaa yeroo dhimmi cimaan isaan mudatu dubbiin tun haa bultu jechuun tursiisanii haala manaa isaanitiin mari'atanii murtiifi furmaata kennu.

Akkasumas dubartoonni diina kamiinuu waan hinreebamneef gabaafi bakka hawaasni wal ga'u hunda deemanii odeeffannoo funaanun lammii isaanif dabarsu. Yeroo warri dhiirotaa gara lola deemanis lammii isaanii kanaaf gala yeroo dheeraf turu qopheessanii sinqee isaanitiin eebbisanii gaggeessu. Akka lammiin isaanii kun hamilee cimaan diina biyyatti dhufe ofirraa faaccisuufis sirbaafi walaloo adda addaatin nihonnachiisu. Lola lammii isaanii gidduutti ka'e sinqee itti aggaamaniit araara buusu. Diinammoo ittiin abaaru. Malkaa irratti ba'aniit rooba ittiin kadhato. Dhukkubaafi waraana dhufe ittiin deebisu. Abbaan manaa inaaffan dubartii yoo manaa ari'e sinqee qabatanii qe'eetti deebisuun akka gaa'elli hincabneefi akka manni hindiigamne taasisu.

Walitti bu'insi hawaasa gidduutti yoo uumames dhiironni gadaa hulluuqan kallacha qabatanii, dubartoonni abbaa manaa isaanii waliin gadaa hulluuqan immoo caaccuu qabatanii, waltajjii beekamaa yookan araddaa naannoo manoota namoota waldiddaa uumaniitti ba'uun kallachaafi caaccuu sana qabatanii kadhaaf dhi'aatu. Kana malees yommuu namni wal ajjeese,

maanguddoonni araara buusufi gumaa baasuf waammaman otoo isaan manaa hinba'in dura haati manaan isaanii:

*Waq isaan haa araarsu
Kan dhiigefi dhiigse hunda
Walitti haa araarsu
Gaarrifi laftis walitti haa araaramu
Araara waaqayyoo dubbadhaa, oofkalaa jettee gaggessiti.*

Dubartiin akkanatti eebbistu kunis akka seera sirna Gadaatti ulaagan isheen guutuu qabdu; dubartii guyyaa tokkoofillee abbaa manaa ishiitin wal loltee ala bultee hinbeekne, gaa'ela diigdee kan gursummaa hintaane yookan kan abbaa manaa qarree waliin jirtu, ilmoon ishee tokkollee kan jalaa hindunefi kan dhiiras durbas deessee qabdu ta'uu qabdi.



Suura 3: Suura barreessaa gumii abbooti Gadaa Aanaa Dandii irraa oddeeffannoo (qorataan 20/09 2011) guure agarsiisuu

Walumaa galatti gaheen dubartoonni sirna Gadaa keessatti qaban mata duree adda addaatti qoodamuun ibsa waliin akka armaan gadiitti dhi'aatu.

4.4.1. Alduree sirna Gadaa keessatti

Akka namoonni akka iddattoottii filaman ibsanitti, otoo guyyaan rawwii sirna gadaa hinga'in dura qophiilen heeddun waggootaafi ji'oota dheeraan duraa godhamuu qaban nijiru. Qophiilen kunninis yommuu namichi buttaa qaluu sirba galuufi yommuu sirna buttaa jala ga'an kan rawwataman jechuun qoodun nidanda'ama. Raawwilee kanneen keessatti dubartoonni gahee guddaa tabatu. Qophiilen kunninis isaanin ala raawwachuu hindanda'an. Gaheen isaan alduree sirna Gadaa keessatti qaban kanas haala armaan gadiin tokko tokkoon haa ilaallu.

➤ **Yoommuu Namtichi Buttaa Qalu Sirba Galu.**

Nammi tokko buttaa qaluuf yommuu waggaan saddeet isa hafu sirba gala. Yommuu sirba galu kanas nyaataf dhugaatin durseet qophaa'a. Yoo namtichi sirba galu sun haadha mana qabaatee haadha manaasaa, yoo hinfune ta'e ammo haadha isaatu waan nyaatamuufi dhugamu kana qopheessaa. Haati namicha sirba gale sanaa garuu nyaata sirnichaaf qopha'e hinnyaattu. Akka amantaa sirna gaadaatti haati isaa yoo nyaattee niraatofti. Kanaaf, waan ofiif nyaattu dursiitee osoo qophiin sirnichaa hineegalin dura kobaatti daaksifattee qopheeffatti.

Namtichi sirba gale dargaggoota waliin bokkuutti sirbaa oolee yommu dhufu buqquriin gaanii guuteet qadaaddamee eega. Ergaa namtichi sirba gale sun buquricha furee dargaggoota waliin sirba oolan sanaaf kennama. Akkasumas, korpheessi re'ee balbalarratti hidhamee eega. Namichi sirba gale kunis osoo mana hinseenin balbala irratti korpheessicha qala. Sanaan booda dubartoonni ittosaa (waxiisaa) qopheessanii dargaggoota sirba oolan sanaaf kennu. Sadarkaa kanattis ga'een dubartoonni qaban akka salphaatti kan ilaallamu miti.

➤ **Qophiilee Sirna Buttaa Jala Rawwatan**

Qophiilen sirna buttaa jala raawwatan heeddudha. Qophiilen kunis irra caalan isaani dubartootan raawwatamu. Dubartoonni raawwi sirna gadaa ji'a muraasa dursanii qophiilee adda addaa eegalu. Wal duraa duuban midhaa biddeena, cukkoofi caccaabsaaf ta'u gingilchanii soranii, afuufanii, daaksiisanii bukeessannii qopheessu. Kan farsoof ta'us qulleessanii, ashaaranii daaksisanii. unkuranii, itti abshilanii qophicha itti fufu. Ammuma guyyaan sirnichaa ga'uuf itti adeemu qophiilen isaanis xumuramaa adeema. Adeemsa keessa gaafa guyyaan lakka'amee sa'atitti galu biddeenni tolchamee, farsoon gaanitti nama. Warri gumaata geessanis akkanumatti qopheeffatu.

Gama nyaataf dhugaatin kanneen akka: Cuukkoo, caccabsa dhodhoobaa, gama dhugaatin ammo buqquriin sirnicha keessatti dirqama dhi'aachuu kan qabaniifi seera sirnichaa guutuf kan barbaachisanidha. Yeroo ammaa kana garuu namoonnii buttaa qalan fedhii affeeramtootaa eeguf yookiin gosa gosaan qopheessu. Keessumattu gaheen dubartoonni sirna gadaa of kalchuuf yeroo kana ba'an kan dagatamuu hinqabnedha. Humna isaanifi ogumma isaanii osoo hinqusatin yeroo saanii haarsaa godhanii sirnicha miidhaksuuf halkanii guyyaa dhama'u.

4.4.2. Yeroo Raawwii Sirna Gadaa

Gaafa godhannaa sirna gadaas dubartoonnii gahee guddaa tabatu. Akkuma humaatti uffata aadda uffachuun sirbaa gahee isaani bahan dubartoonnis uffata aadaa mimmiidhagoo kanneen akka qoloo, wandaboo sabbata, gaabii, kophee aadaafi kan kana fakkaatan uffachuun, akkasumas, wantoota aadaa kannen akka, callee caaccuu, sinqee sinmafi kan kana fakkaataniin sirnicha nimiidhaksu. Kana malees, gumaata fiduu, dirriba uffachuun eebbisuu, sirba sirbaa laga bu'ufi kan kana fakkaatan martii gahee dubartootati. Gochoota isaan raawwatan kanas qooqqoodun ilalun nidan da'ama.

➤ Gumaata Fiduu

Gummaannii nyaataf dhugaattii firrii yookiin ollaan foroorsattii raree mana namicha buttaa godhate sanaatti geessudha. Gumaanni kunis akkuma dubartii malee hinqophoofne dubartiidhan malees hindhaqu, kan gumaata nama fidus dubartiidha. Gumaanni dhufu kunis nyaata aadaa Oromoo kana akka caccabsa, cuukkoo, qorii, dhodhoobboofi kan kana fakkaatudha. Akkasumses biddeenni, daabboo, farsoofi argaqeen illee nidhufa. Gumaata dhufe kana kan furu namtich Gadaa ofkale sanadha. Innis gumaata dhufe sana tokko tokkoon dhamdamee ishii gumaata fidde sanaan ammanan sifure jedhan.



Suura 4: Suura gumaata nyaata aadaa (qorataan 20/08/2011 kaase) mul'isuu

Sanaan booda namoonni gumaata kana waalessanii dhufan akkas jechuun namicha gadoomu sana faarsanii waan duudhan Oromootii bule irraa fudhatu.

*Caaccudha caaccudha colleen caaccudha
Baaccudha baaccudha ebelu baaccudha
Yaa hoo hee foollen gabbina
Gabbina gabboo foollen gabbina
Ofkali oofkali wayyaa luba koo oofkali*

Jechuun namticha yeroo sana haangoo qabate faarsu. Erga namich kana faarsanii booda namichi gadoomu kun eebbise wanta duudhadhaa ba'e kenneefi isaanis wanta kennameef kana fudhatanii sirbaa gara manaatti ol seenanii nyaatanii dhuganii gara sirbaattii deebi'u.

➤ **Gurra Urtuu**

Namni tokko luba ta'uuf yookiin gadoomuf gurra urtuun jiraachuun dirqama. Gurra urachuun duraa golgatu qophaa'a. Golga qophaa'e kana keessatti qadadduun luba sanarraa mata haada. Erga lubni mataa haaddateen booda gurra urtuun uraa fuutee gurra lubichaatti aggaamti. Isheen akkuma aggaamteen qadadduun irraa fudhee gurra lubichaa uraaf. Gurra urtuun Obboleetti luba sanaa taatee ishii hangafaadha. Namni kun akka carraa ta'ee obboleettii durbaa hinqabu yoo ta'e illee, nama fira dhihoo isaaf ta'u yookiin miinjee isaatu gurra uraaf. Kanaan ala luboomuun hindanda'amu. Gaafa jila sanaa, gurra urtuu kanarraa waan guddaatu eegama. Dhangaa jila Gadaatif qophaa'an marasaa godhatteet gumaachiti.

Akkasumas, Okolee haati manaa luba sanaa aannan itti naqxee lagan buutu kan hodhu, gurra urtuu kana. Yeroo uramuus dursa gurra mirgaatu uramaa. Sababni isaa immoo yeroo baay'ee gurra bitaa yeroo ijoollummaatti uratu waan ta'eef. Akka carraa ta'ee yeroo ijoollummaa kan hinhuramiin yoo ta'es lammaffaa irratti urama. Gurra mirgaa dura urachuun kun cal jedhamee osoo hintaane, Oromoon mirga dhaadata, mirga galuu hawwa, mirgaan boona, mirga bula, ... waan jedhuun walqabateeti kan carraan duraa gurra mirgaatiif kennamuuf. Dhangaan isheen godhattee fiddu: daabboo, qorii, caccabsaa, dhodhoobboo, farsoofi kkf marasaanituu godhatteet dhufti. Guyyaa gaafa jalqabaatii kaafttee hanga ulma'aatti bira turuun seera qabdu mara guutti.



Suura 5: Suura yeroo gurra urtuun gurraa lubaa urtuu (qorataan 20/08/2011 kaase) agarsiisuu.

➤ **Dirriba Uffachuun Eebbisuu**

Warri namicha buttaa qalerraa jiffuu qaban kan akka obboleeyyan isaa kan eeruman, dubartoota inni miinzee ta'eef, warri soddaa isaafi kan kana fakkaatan marti gumaata fidanii edaa dhufanii booda, namtichi buttaa qale sun dirriba itti uwwisa. Haatifi abbaan isaas dirriba nihuffatu. Yeroo dirriba uffatan kanas haatifi abbaan isaa marga alaanfatanii itti tufuun akkas jedhanii eebbisu.

*Ayyaanni koo sitti haa afu
Umurii dheeraa siifa haa kennu
Dabaree kee hindhabin
Karri kee haa hour*

Akkasumas, amaatii obboleeyyan isaa kan heeruman, dubartoonni inni miinzee ta'eefi kan kana fakkaatan yommuu dirriba uffatan akkas jechuunn eebbisu.

*Jiffuu Gadaa
Saddeeta, abbaa kee qaqqabdee ofkali
Dhugoon gurraa si'aa ga'u
Buurannii sammuu sia'aa ga'u*

Kanaaf dubartoonni dirriba uffachuun eebbisuu keessti gahee guddaa qabu.

➤ **Sirba Sirbuu**

Yeroo sirbii Gadaa sirbamu saalfin yookan qaanin hinjiru sirnicha keessattis kan sirbu dhiirota qofa miti. Dhironnis ta'ee dubartoonnii gahee wal qixa qabu. Nama sirba kana keessatti duubatti deebi'u yoo argaan niloluun. Dubartoonnis jechoota saalfii mara saalfii tokko malee akkuma dhiiratti dhiiran morkuun sirbu. Yeroo sirbanis caccabsaafi cukkoo qabee shanitti naquun harkatti

qabatanii foolletti sirbu erga sirbanii xumuranii booda foolleni yoo barbaaden ninyaatu yoo hinbarbaannes nidhiisu sirna gadaa keessatti dubartootaas ta'ee dhirii yeroo adda adda sirba adda addaa sirba. Fakkeenyaaf, foolleen shittoo, shankoorafi kan kana fakkataan dubartoota faarudhaan gaafatu.

*Yommuu sirbaan shittoo gaafatan
Yaa shittaayee shittoo sumunii
Yoo shittoo dhabde asuun dhufinii
Yaa shittayyee shittoo rafaarrafii
Yoo shittoo dhabde mormaan Dhaka dhaki jechuun sirbu.*



Suura 6: Suura yeroo haadha warran abba Gadaa foolleef shittoo kennituu (qorataan 20/08/2011 kaase) agarsiisuu.

Ergaan isaas yoo shittoo qabaatte rafaarrafii, yoo shitto dhabde garuu isheen lukkan akka ragadduufi inni ammo morma isaan akka faana sirbu taasisu yommuu ishiin sirbitummoo dhiitame taasisuuf.

*Yommuu foollen sirbaan shankooraa gaafatu
Yaa shankooraa shankooraa agadaa
Yoo naaf keennite siif haa kennu saddenii gadaa
Yoo na dhoowwattu maqaatu gadii utalu aatir maneen isaas shankooraa dheera
mataa isaa irraa hincabne qabattee abba manaa ishee cinaa utaaltee daadatti.*



Suura 7: Suura yeroo dubartoonni warra dhiiraan qixaa shonkoraa qabatanii foolleetti sirbaan (qorataan 20/08/2011 kaase) agarsiisuu.

Dhummarratti warrii foollee Shankooricha fudhatan ergaa abbaan gadaa eebbiseen booda dubartii sana jabeenya ishee dhiiran olitti lilmaamuun akka armaan gadii kanatti faarsu.

*Amartii quba nyaattu
Eessa fidda abalu
Dubartii dhiira caaltu jechuun faarsu*

Kunis dubartiin sun akkuma dhiiraa abba warra ishe waliin waan dhaadattefi waan gaafatamte hundaa waan guutteef jabina isheen kana faarun ibsu. Sirna Gadaa keessatti dubartoonni sirba sirbuun gahee hedduu qabaachurra darbanii, ofii isaanifis sirbaan jajamuuf akkasumas kennaa gaafatamuuf sirbaan farfatamu.

➤ **Laga Bu’uu**

Yommuu gara lagaa deemanis dubartootas ta’ee dhiirii gahee mataa isaanii qabu. Dubartoonni gumaata waalessani dhufaniifi kan sirniicha kabajuuf dhufan marti uffamii dhufaniifi kan sirniicha kabajuuf dhufan martii uffanii dhufaniifi kan sirniicha kabajuuf dhufan miidhaksiituu aadaafi kophee addaa addaan sirniicha miidhaksuuf olan kaawachuun gara lagaa deenuu. Yeroo kanas haati warra abbaa gadaa ofkalumsaa okolee haaraa kan kanaan dura itti elmamee hin beekamneefi kan qabattoo isaa gogaa ta’ee harka mirgaatti qabachuun, dhakaraa harka bitan gateettii bita irra kawwattee kara bitaa abbaa warra ishee cina deemun sirniicha miidhaksuun seerri akka guutuu gooti. Namni kamiyyuu ishee qaxxaamuruu hinqabu.

Erga namoonni sirna Gadaa sanarratti hirmaatan laga ga'anin boodas dubartoonni waan raawwatan niqabu. Erga laga ga'ani haati manaan namicha gadaa ofkale sanaa okolee baattee laga buute sanaafi dhakaraa qabachuun laga ceetee muka bonaaf ganna hingogne dhakaraadhan rukutuun qola irraa kaasti. Qola kanas okolee keessa kaa'un gara lagaatti dhuftee bishaan itti waraabdi. Raawwin kunniin ga'ee hadha manaa namichi gadaa oofkalu yeroo sirnichi raawwatu waliin jiru sanadha.



Suura 8: Suura haadha warran abba Gadaa yeroo lagaa bu'an okoleefi dhakaraa baattee wajjin lagaa buutu (kan qorataan 20/08/2011 kaase) agarsiisuu.

Haata'u malee akka seera sirna gadaatti kan kalaalaa hitus haadha manaa namichi Gadaa oofkalu sun jalqaba fuudhedha. Yoo akka carraa wal hiikanillee bakka jirtuu waamamteet dhufti. Yoo lubbuun kan hinjirre taate ammo obboleettii namicha Gadaa oofkaluu ishii angafaatu kalaalaa kan mara. Sanaan booda dhaloonni laga gamaafi gamanaa waliyyaafachuun dhaloonni dursu dabareen gamaafi gamana taa'ee wal eebbisa. Eebba isaan yeroo sana wal-eebbisan keessaa akkaa fakkeeniyatti kanneen armaan gaditti dhi'aate haalaallu:

*Nu oofkalchaa oofkalaa
Biyyi keenya biyya nagaa haa ta'u
Maseenni haa deessu
Deessun daadhii haa taatu
Kormi cirri ha ta'u
Waaqni nagaa nuuf haa buusu
Malkaadhaa bishaan hin gogin
Waaqa jala haa bullu
Ilmi afaan abbaa haa beeku
Afaan keenya tokko haa taasisu
Biyya keenya biyya nagaa haa godhu*



Suura 9: Suura yeroo abban Gadaa eebba kennuu (qorataan 20/08/2011 kaase) agarsiisuu.

Nu oofkalchaa, oofkalaa jechuun wal eebbisaa harka wal qabatanii kalaalafi laaftoo qabatanii akkas jechuun sirbaa galu.

*Oofkali yaa luba koo oofkali
Oofkali yaa luba koo oofkali
Yaa luba koo oofkali
Yaa luba koo oofkali
Yaa luba koo oofkali
Gadaa abbaa kee luba koo oofkali
Nagaan baatee luba koo oofkali
Saddeeta gadaa luba koo oofkali
Yaa luba koo luba koo oofkali
Haaduu kofa kee luba koo oofkali
Dhugoo gurra kee luba koo oofkali
Boorana sammuu kee luba koo oofkali
Iftuu quba kee luba koo oofkali*

*Oofkali yaa luba koo oofkali
Oofkali yaa luba koo oofkali jechaa gara manaatti deebi’u.*

Yommuu manatti galan dullachi qalmaaf qophaa’e dhaabbateet eega. Dullacha kanas haadha manaa namicha Gadaa ofakalee sanaatu dhadhaa dibuun muuda. Dullachi dhadhaa muudan kun foonsaa keessaa kophaatti warra jiffuuf kophaatti kan qophaa’utu jira. Warri jiffuu kunis foon sa’a muudame sanaa keessaa ga’ee isaanii nyaatu. Keessummootaf garuu dursa horii qaluun nyaanni qophaa’ee eega.

4.4.3. Raawwii Sirna Gadaan Booda

Akka iddattoonni filaman yaada kennanitti raawwii sirna Gadaan boodas dubartoonni gahee ni qabu. Gaheen isaan qaban kunis, mana buluu, amma hora dhaqanitti, yommuu hora dhaqaniifi yommuu dhugoo baafatan keessatti kan mul’atudha. Gaheen kunis kanneen armaan gadiiti;

➤ Mana buluu

Sirni Gadaa gaggeeffamee namoonni waamaman hundi edda galaniin booda namicha buttaa qale bira kanneen bulantu hafa. Isaanis, durba duudaa shan (5), beera kalaalee shan (5), beera cifiree shan (5), dargaggeessa sarbaa shan (5), akkasumas warri jaala ta’an haadha manaa namicha buttaa qalee sana waliin taa’un, miinzeen, aannan okoleen, farsoon gaaniniifi kan kana fakkaatan hundadha. Kun hundi erga guutamaniin booda guulonni lama eeboo shan fidanii ciibsun akka Gadaan guutuu ta’e dhugoomsuf akkas jechuun tumaa tumu.

Miinjen guutuu

Durbi qarree guutuu

Jaalli guutuu

Gaanin guutuu

Aannan okolee guutuu

Hirruu hin qabu wanti irate hin jiru

Ittuma dabaluun akkas jechaa eebbisu

Hundi guutudha

Gadaansaa guuteera

Qilleensa hin dabarsu

Tulluu hin dhoksu

Tumaa bokkuu ganamaa jechuun eebbisu.

Akkasitti wantoonni sirnichaaf barbaachisan hundi guutuu ta'uu agarsiisu. **Namni** buttaa qale tokko amma bultii shaniitti (5) niciisa. Yommuu ciisu kanas haadha manaa isaatu nyaata qopheessaf. Amma bultiin shan (5) dhumutti ijoollee isaallee arguu hinqabu. Gama biroonis gaafa bultii shan (5) guute dargaggeessota waliin hora waan deemuf nyaataf dhugaatin dursaniit qophaa'u. Dhimmi kunis dubartootuma eeggata.

➤ **Yommuu hora dhaqan**

Namni buttaa qale tokko bultii shan (5) edda guuten booda hora dhaqa. Yommuu hora dhaqa kans cuukkoo yookan caccabsaa qabee tokko harkatti qabateet dhiirota waliin horii of fuuldura oofanii laga bu'u. Erga laga ga'aniin booda nyaata qabeetti baatanii dhaqan sana namtichi buttaa qalu erga qammasee hundaafuu nihirama. Sanaan booda laga sanarra taa'anii maanguddoonni haala armaan gadiin eebbisu.

*Horri kun hora nagaa haa ta'u
Burqaan kun burqaa nagaa haa ta'u
Saani dhuge haa oofkalu
Namni dhuge haa oofkalu
Oofkaltii oofkaltii nagaa haa ta'u
Jechuun eebbisanii gara manaatti deebi'u.*

Warri hora deemaniifi namtichi buttaa qale hora manatti galan dubartoonni cuukkoo yookiin caccabsaa qabee shaniinfi buqqurii okkoteedhan dhaabani eegu. Warri buttaa qalan marti edda qammasanii warra lagaa dhufan maraafuu nihirama. Biddeennis niqophaa'a. Kanaaf dubartoonni yommuu dhiironni hora bu'an waliin bu'uu yoo baatanis gahee niqabu.

➤ **Yeroo dhugoo baafatan**

Namni tokko yoo dhimma addaaf eeyyama kadhate malee buttaa qalee yoo xiqqaate ji'a lama booda dhugoo baafata. Yommuu dhugoo baafatan kanas akkuma yeroo kaanii nyaannifi dhugaatin kan akka: biddeena, cuukkoo, caccabsaa, buqquriifi kan kana fakkaatanidha. Yeroo kanas qophii kana qopheessuf gaheen kun kan dubartootati.

4.4.4. Kabaja Dubartoonni Sirna Gadaa Oromoo Maccaa Keessatti Qaban

Kabaja dubartoonni sirna gadaa keessatti qaban ilaalchisee iddattoonni filaman yommuu deebii kennan, dubartoonni sirna gadaa keessatti kabaja guddaa qabu. Akka amantaa sirna gadaatti

dubartiin cubbuu hinqabdu. Waaqayyoon dhiira caalatti wal-qunnamuu dandeessi. Ishiin qulqulluudha. Laaftudhas. Kanaaf, waaqayyoon nidhaga'aaf, sagaleen ishiis waaqayyoon biratti jaalatamaadha. Gama biroon haati manaa abbootii gadaa, qaallufi hayyuu hundaa kabajaadhuma abbaan manaa isaanii hawwaasa biratti qaban qabu.

Akkasumas mana cidhaas ta'ee kan gadaa keessatti daadhii dubartii dursanii hindhugan. Foon diimas namni dubartii dursee hindhandhamu. Dubartiin wanta barbaadde yoo kadhatte hawwaasa irraa hindhabdu, yoo wanta hinjirre ta'e malee. Sirna gadaa keessatti wanti dubartiin kadhattee dhabde tokko waanuma kadhatame sanatu hinjiru yookin namuma kadhatame sanatu hinjirre jedhamee fudhatama.

Sirna gadaa keessatti dubartootaf kabajni akka godhamuu qabu seerri tumame nijira. Seerri kunis kan armaan gadiiti;

*Lafee hin cabsan! kanatu seeraa!
ilkaan hin cabsan! kanatu seeraa!
Dha'anii hin miidhan! kanatu seeraa!
Hin dha'aniyyu! kanatu seeraa!
Arrabsanii hin miidhan! kanatu seeraa!
Hin arrabsaniyyu! kanatu seeraa!*

Jechuun kan abbootin gadaa tumanidha. Kunis dubartoonni kabaja guddaa waan qabaniif, akkasumas qaamni isaanii uumamaan lallaafaa waan ta'eef kunuunsa kan barbaadanidha. Kanaaf miidhun barbaachisaa miti. Gama biroon haadha nama deessefis kabajni godhamuu akka qabu sirni gadaa nigorsa. Gorsii kunis haala armaan gadiin dhiyaata.

*Hadha sideesse hin millatin
Ija guuttee fuula ishii keessa hin ilaalin
Hin arrabsin
Dha'uu mitii hin darbatin
Akka ariitee dhaqqabdu
Akka baqattee wanta hamaa hunda jalaa baatu yoo barbaadde jalaa dheessi
jechuun gorsu.*

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaan kun qaaccessa gahee dubartoonni sirna Gadaa Oromoo Maccaa keessatti qaban Godina Shawaa Lixaa Aanaa Dandiitti argamu hammateera. Akkasumas dhimmoota sadiirratti xiyyeeffata. Inni duraa cuunfaa qorannichaati. Inni lammataa argannoo qorannichaa kan dhiyeessu yommuu ta’u, inni sadaaffaan yaboo qorannoo kanaatuu walduraa duuban dhiyaata.

5.1. Cuunfaa

Hawaasni tokko yoo jiraate isa waliin wantoonni baay’een jiraachuu danda’u. Jiraachuu hawaasaa /uummataa/ waliin kan argamuu danda’u keessaa inni tokko fookilooriidha. Fookilooriin kalaqniifi qorannoon dhaloota darbee kan ittiin hubatamu daawwitii aadaati. Kunis, kan mul’isu fookiloorii beekuun aadaa beekuudha. Fookilooriin aadaa, duudhaa, safuu, ogummaa, falaasama amantaa, seenaa, ilaalcha, beekumsa uummataa kan kuufame, mudannoowwaniifi muuxannoowwan hawaasaa afaanifi gochaan dhalootarraa dhalootatti daddarba dhufeeff ammas, daddarbaa kan jiruu kalaqaa hawaasaati. Aadan yaadafi hiika bal’aa kan ofkeessaa qabu ta’ee, jiruufi jireenyi saba tokkoo kanneen biroorraa adda ba’ee kan ittiin beekamu, akkasumas maalummaafi eenyummaan saba tokkoo kan ibsu mallattoo eenyummaati. Aadaan lubbuu saba tokkooti. Sabni aadaa hinqabnee hinjiru. Aadaan faayidaa heedduu qaba. Isaan keessaas muraasni, bashannansiisuu, gorsuu, araarsuu, safuufi waliin jireenya cimsuufi kan kana fakkaatanidha. Aadan gosa lamatu jira. Isaanis, aadaa hafuurafi aadaa qabatamaadha.

Sirni gadaa sirna Oromoon bara duriitii kaasee ittiin wal-bulchaa ture, kan qaamolee seeraa miseensotaafi sadarkaalee adda addaa ofjalaa qabuufi madda diimokiraasii addunyaa kanaa ta’u isaatif beektonni seenaafi hayyoonni hedduun kan irratti walii galanidha. Sirni Gadaa kunis yoomiifi eessatti akka jalqabamee beekamuu baatus Oromoonni waggaa dheeran dura ittiin walbulchaa turuu isaanif hayyoota heeddutu ragaa ba’a. Sirni Gadaa faayidaa heedduu qaba. Isaanis: seera muruu, biyya misoomsuu, tokkummaa cimsuu, araara buusuu, dhimma gumaa hiikuu, namoota yakka hojjatan adabuu, orma rakkate koluu galchuufi kan kana fakkaatanidha

Kaayyoon goeroon qorannoo kanaa, adeemsaafi faayidaa sirna Gadaa Oromoo Maccaa dubartootaaf qabuu qaaceessuun ibsuudha. Kunis faayidaawwan sirni Gadaa Oromoo Maccaa dubartootaaf qabuufi adeemsi raawwii sirni Gadaa gumaachii inni dubartootaaf taasisu qaaceessuun bu’aa isaa adda baasuudha. Malli qorannoo kana keessatti dhimma itti ba’ames

mala qorannoo qulqulleeffataadha. Maddi ragaa qorannichaas madda raga tokkoffaafi madda raga lammaffaadha. Malli iddattoon ittin filataman immoo mala iddattoo ta'eessaa yookan kaayyeffataadha. Meeshaaleen funaansa raga dhimma itti ba'ames afgaaffii, marii garee dookmeentii sakatta'uufi daawwannaadha. Dabalataanis, odeeffannoon odeeffkennitoota afgaaffii marii gareefi daawwannaa irraa funaanamee qaaceffamerraa hubachuun akka danda'ametti adeemsifi faayidaan sirna Gadaa Oromoo dubartootaaf qabu hedduu ta'uu bira gahamee jira. Akkasumas, sirni Gadaa hennaa raawwataan adeemsa sirni Gadaa itti raawwatamuu eeganii raawwachuunis, dubartootaaf gahee olaanaa qabaachuun isaa hubatameera.

Kan itti aanu, argannoo qorannoo kanaa kan ta'e, gahee dubartoonni sirna Gadaa Oromoo Maccaafi adeemsi raawwii isaa dubartootaaf qabu cuunfaa kanaatti aanee dhiyaatee jira.

5.2. Argannoo

1. Sirni Gadaa Oromoo waggaa saddeet saddeetiin kan gaggeeffamuufi iddoon inni itti gaggeeffamuus gurra uraan manatti, dhaqna qaban manatti, dhibbaffanaan lagaattifi madaalaa fufaan horaati akka ta'ee qorannoo kanaan bira ga'ameera.
2. Sirni Gadaa kan hawaasa Oromoo ta'ee qabeenya kunuunfamuu qabufi ilaalcha keenyummaa /keenya jedhanii/ hawaasan qabama akka jiru bira gahameera.
3. Hirmaattoonni sirna Gadaa garee Gadaa shananiifi uummataa Oromoo hunda saalaafi umuriin osoo hindaangeessin kan hirmaachisu ta'u bira gahameera.
4. Dubatoonni sirna Gadaa Oromoo Maccaa keessatti gama adda addaan gahee guddaa, kabajaa guddaa, sirni Gadaa dubartoota malee raawwachuu akka hindada'amnee qorannoo kanaan hubatameera.
5. Dubartoonnii sirna Gadaa Oromoo Maccaa keessatti, alduree sirna Gadaa, yeroo raawwii sirna Gadaafi raawwii sirna Gadaan booda gahee kanneen akka: nyaatafi dhugaatii qopheessuu, gurra uruu, abbootiin Gadaa sadarkaa gadamoojjiitti darbuuf madaallii madaaluu, madaallii kun immoo dubartootan hoogganamu, dhakaraafi okolee baatee laga wajjiin bu'uun ofkalchitee ofkaltee haadha siqee akka tateefi kan kan kana fakkaatan gahee qabaachuun isaanii qorannoo kanaan bira ga'ameera.

5.3. Yaboo

Rakkoolee Gahee dubartootaa sirna Gadaadhaan walqabatan qaacceessuudhaan yaada “**osoo akkas ta’e**” jedhu akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

1. Uummanni Oromoo hundi, duudhaan hawaasaa daawwitii eenyummaa isaa ta’uu beekuun keessattuu, sirni Gadaa faayidaa inni qabu hubatanii; tursiisuun osoo dhaloota dhufuu dhaalchisanii gaarii ta’a.
2. Abbootiin Gadaa, Manguddoonnifi hawaasni hundi hubannoofi hirmaannaa dubartoonni sirna Gadaa keessatti qaban osoo cimsanii deegaranii.
3. Dubartoonni haadha warra abbaa Gadaa ta’aniifi gurra urtuu ta’an sirnichaa keessaa darban osoo dubartoota sirnichaatti aseenuuf adeeman osoo cimsaanii hubannoo taasisaaniif gaarii ta’a.
4. Waajjirri Aadaafi Turizimii aanichaa duudhaa dubartoonni sirna Gadaa Oromoo Maccaa aanichaa keessatti gahee dubartoonni qaban sassaabuun galmeessee ka’uun dhalootatti barreeffamaan akka darbu osoo taasisee gaarii ta’a.

Wabii

- Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa yaadrimee qorannoo hujoo*. Finfinnee: Mega printing press
- Aayyahuu Baachaa, Leeniin Quuxoo and Gammachuu Taayyee. (2016). 'An Investigation of Participatory Governance Embedded In Gadaa System. Manbadha General Assemy of The Arsi Oromoo Focus'. Academic journals.vol 7(1.0), pp9-93-104.
- Alan Dundes .(1965). *The study of Foklore. England cliffs*: N.J prientice Hall, Inc.
- Abbaa Gadaa Abbaa Roobalee Abbaa Soorii. (2012). *Sirna Gadaa. Kallacha Tokkummaa Hundee Bilisummaa Saba Oromoo*. Maxxansa 4ffaa. Finfinnee: Finfinne printing & publishing s.c.
- Balaay Mokonnin. (2007). *Kiristaanummaafi Oromoo duriirraa Hanga Ammaatti*. Finfinnee: Oromiyaa. Africa printing PLC.
- Dastaa Dassaalany. (2002) . *Bu'uura Qorannoo*. Addis Ababa University. Dhaabbata maxxansa boolee.
- _____. (2013). *Bu'uura Qorannoo*. Yuunvarsitii Addis Ababaa. Printed by Far East Trading PLC
- Daniel Dheressaa. (2002) . *Continuity and Changes in the Status of Women: The Case of Arsi Oromo living adjacent to upper wabe valley (Dodola)*, Addis Abeba, University.
- Dejene N D. Debsu. (2009) . *Gender and culture in south Ethiopia analysis of Guji Oromo women's customary rights.* African studies monographs, 3091), pp.15-36.PH.D theis suhmisted to the department of Antropology, Mian University.
- Dirribii Damusee. (2009) . *Ilaalcha Oromoo*. Finfinnee: D.G.printing and publishing enterprise.
- _____. (2012) . *Ilaalcha Oromoo*. Finfinnee; Finfinnee Printing and publishing.
- Dorson, Rechard M. (1972). *Folklore and Folklite: An Introduction*. Chicago and London: The University of Chicago press.
- Jamjam Uddessaatii fi Dhaddacha Gololcha. (2011). *The Gadaa Democrate Pluralsim With A Particular Refernce To The Guji And Political Legal System*. Rela Printing, Addis Ababa, Ethiopia.
- Jemila Adem. (2014) . *Women and Indigenious Confilict Resolution Institution In Oromia. Experiance from Siinqee of the Woyyu Shanan Arsi Oromo in Adami Tullu Kombolcha District of Oromia National Reginal State*. A Thesis Submitted to School of Gradute studies.
- Jeylan W. Hussein. (2004). *African Studies Monographs a Cultural representation of Women in the Oromo Society*, Alemaya University

- Kotharin, C. R. (2010). *Research Methodology. Methods and Techniques*, 2nd New Delhi: Newage International publisher Ltd.
- Kumar, R. (2005). *Research Methodology*. Pearson Education Australia. Wallenstein p. London and New York: Routledge publishing company.
- Neuman, L. W. (2007). *Basic Social Research. Qualitative and Quantitative Approaches* (2nd. Ed) Boston: Pearson Education Inc.
- Sa'idaa Kadir. (2002). *Sirna Gadaa fi Dubartootaa*. Finfinnee:
- Sirna Gadaa. (2014). <http://oromedia.net/sirna-gadaa/>
- Solomo Areaya. (2004). *Qualitative Research Beyond a Number Game*. Institution of Education Researcher Flambean. Addis Ababa University (Vo, No 2).
- Spradley, J. P. (1979). *The Ethnographic Interview*. New York: Holt, Rinehart & Winston.
- Toleeraa Tasammaafi Hundasaa Waaqwayyaa. 1995. *Seenaa Saba Oromoofi Sirna Gadaa*
- Warqinaa Abbaa Soorii. (2008). *Sirna Gadaa. Kallacha tokkummaa hundee bilisummaa, Saba oromoo, maxxansa 3ffaa*. Finfinnee: Finfinnee printing & publishing s.c.
- Yaadasaa Tolasa. (2008). *Malleen Qorannoo waliigalaa*. Printed by Far East Trading Plc
- Zelalem Tesfaye. (2012). *Ethiopia. Women The Gadaa Democracy Rules In a Federal State. Briding Indigenous Institution of Governance To Modern Democracy. Masters of Philosophy In Indigenous Studies. Faculty of Humanities Social Science and Education University of Tronso.*

Dabalee A
Yunivarsiitii Addis Ababaa

Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornalizimiifi Sabqunnamtii Muummee
Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloori

Afgaaffii Abbootii Gadaaf Dhiyaate.

Kutaa I. Yaada Waliigalaa

Kabajamtoota Odeeffannitoota:

Kaayyoon afgaaffii kanaa barnoota Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii sagantaa digirii lammaffaa guuttachuuf mata duree, “Qaaccessa Ga,ee Dubartoonni Sirna Gadaa Oromoo Maccaa Keessatti Qaban: Godina Shawaa Lixaa Aanaa Dandii” ilaalchisee ragaa funaanuuf ta’a. Kanaafuu, hirmaannaan kallattiidhaan isin afgaffii kana afaaniin deebii kennuurrattii qabdan milkaa’ina qorannoo kanaatiif qabatamaa hawaasni itti fayyadama tureefi ammas itti fayyadamaa jiru osoo hindhoksiiniifi irraa hindabsin kan isin abbaa dhimmaa itti taatan. Kanaaf gaheen isin irraa eegamu, hubannoofi muuxannoo keessaniin walqabsiisuun akka naaf gummachitaan isin gaafachaa ragaan funaanamu kun dhimmaa qorannichaa qofaaf kan ooluufi iccitiin isaas kan eeggamu ta’uu isaa isiiniif wadaan gala. Tumsa naaf gootaniif guddaan isin galateeffadha.

Galatoomaa!

Kutaa II. Odeeffannoo Waliigalaa

Maqaa : _____

Ganda : _____

Saala : _____

Umurii: _____

Gahee hojii: _____

Sadarkaa barnootaa: _____

Kutaa III. Qabxii Ijoo Gaaffii Afaaniif Dhiyaate.

1. Gadaan maali? Yoom eegale?
2. Gadaan hawaasaaf tajaajila nikenna? Yoo kenne tajaajiloota akkamii kenna?
3. Hirmaattonni Sirna Gadaa eenyu fadha?
4. Sirna Gadaa keessatti qooda olaanaa kan qaban eenyu fadha?
5. Hirmaannaan dubartootar sirna Gadaa keessatti maaliif barbaachisa?
6. Dubartoonni sirna Gadaa keessatti akka hirmaataniif hawaasni gahee maalii ba'uu qabu?
7. Gaheen dubartoota maali?
8. Sirna Gadaa dhalootaa gara dhalootatti akka darbuuf dubartoota irraa maaltu barbaachisa?
9. Wantoonni gahee dubartootaa kanarraan dhiibbaa geessisan maal faa'i?

Dabalee “B”
Yunvaarsiitii Addis Ababaa

Kolleejjii Namoomaa, Qo’annoo Afaanotaa, Joornalizimiifi Sabqunnamtii

Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii

Afgaaffii Hojjetoota Waajjiraa Aadaafi Tuurizimii Aanaa Dandiitiif Qophaa’e.

Kutaa I. Yaada Waliigalaa

Kabajamtoota Odeeff kennitoota:

Kaayyoon afgaaffii kanaa barnoota Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii sagantaa digirii lammaffaa guuttachuuf mata duree **“Qaaccessa Gahee Dubartoonni Sirna Gadaa Oromoo Maccaa Keessatti Qaban: Godina Shawaa Lixaa Aanaa Dandii”** ilaalchisee ragaa funaanuuf ta’a. Kanaafuu, hirmaannaan kallattiidhaan isin afgaaffii kana afaaniin deebii kennuurrattii qabdan milkaa’ina qorannoo kanaatiif qabatamaa hawaasni itti fayyadama tureefi ammas itti fayyadamaa jiru osoo hindhoksiiniifi irraa hindabsin kan isin abbaa dhimmaa itti taatan. Kanaaf gaheen isin irraa eegamu, hubannoofi muuxannoo keessaniin walqabsiisuun akka naaf gummachitaan isin gaafachaa ragaan funaanamu kun dhimmaa qorannichaa qofaaf kan ooluufi iccitiin isaas kan eeggamu ta’uu isaa isiiniif wadaan gala. Tumsa naaf gootaniif guddaan isin galateeffadha.

Galatoomaa!

Kutaa II. Odeeffannoo Waliigalaa

Maqaa: _____

Ganda: _____

Saala: _____

Umurii: _____

Gahee hojii: _____

Sadarkaa barnootaa: _____

Kutaa III. Qabxii Ijoo Gaaffii Afaaniif Dhiyaate.

1. Gadaan maali? Yoom eegale?
2. Hirmaattonni Sirna Gadaa eenyu fadha?
3. Sirna Gadaa keessatti qooda olaanaa kan qaban eenyu fadha?
4. Dubartoonni sirna Gadaa keessatti akka hirmaataniif hawaasni gahee maalii bahu qabu?
5. Gaheen dubartoota maali?
6. Wantoonni gahee dubartootaa kanarraan dhiibbaa geessisan maal faa'i?
7. Maqaan abbaa Gadaa Oromoo Maccaa yeroo amma eenyu?
8. Teessoon abbaa Gadaa Oromoo Maccaa Yeroo amma eessa?

Dabalee “C”
Yuunivarsiitii Addis Ababaa
Koollejjii Namoomaa, Qo’annoo Afaanotaa Joornaalizimiifi Sabquunnamtiitti
Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii
Daawwannaa

Kaayyoon daawwannaa Qorannoo Digirii 2^{ffaa} guuttachuuf taasifamuuf odeeffannoo gumaacha gochuu danda’u argachuuf **qaaccessa gahee dubartoonnii sirna Gadaa Oromoo Maccaa keessatti qaban** keessatti argamuudhaan qabxii gadii irratti xiyyeefachuun daawwannaan raawwatamu danda’a. Kunis meeshaalee kanneen suura kaasuuf fayyadaniifi waraabbi sagaleetiif oolanitti dhimma bahuun raawwatama.

Lakk.	Cheeklistii Daawwannaa Qophaa’e	Guyyaa Daawwannaa
1	Sirna raawwii Gadaa Oromoo Maccaa daawwachuu	27/05/2011fi20/08/2011
2	Haala hirmaattootaafi gocha isaanii: jalqabbii duraa, yeroo raawwiifi raawwiin booda daawwachuun mirkaneeffachuu	27/05/2011fi 20/08/2011
3	Sirna Gadaa keessatti sadarkaa gahee dubartoota yeroo amma irratti argamu daawwachuun adda baasuu	27/05/2011fi 20/08/2011
4	Haala hirmaattonni itti taphatanii daawwachuu	27/05/2011fi 20/08/2011
5	Haala uffannaafi meeshaa itti tajaajilaman daawwachuu	27/05/2011fi 20/08/2011
6	Duraa duuba sirnichi ittiin ta’u keessatti maal akka jedhu danda’ ➤ Yeroo laga bu’uuf qophaa’an ➤ Yeroo laga bu’aan ➤ Yeroo laga galaan	27/05/2011fi 20/08/2011

Dabalee “ D”

Gabatee Namoota Odeeffannoo kennan Mul’isu yookiin Maqaa Namoota Odeeffannoon Irraa Funaanamee

T/L	Maqaa	Saala	Umurii	Gahee hojii	Aanaa	Ganda
1.	Gurmeessaa Safaraa	Dhi	73	Qotee bulaa	Dandii	Jawwee burii
2.	Fininsaa Gabbisaa	Dhi	75	Qotee bulaa	Dandii	Giincii 02
3.	Bantii Lammii	Dhi	45	I/G/W/A/Turizimii	Dandii	Giincii 02
4.	Alamii Guddataa	Dha	35	Qotee bulaa	Dandii	Jawwee burii
5.	Boggalaach Baay’isaa	Dha	65	Haadha mana	Dandii	Giincii 02
6.	Andu’alaam Garramaaw	Dhi	45	H/W/A/Turizimii	Dandii	Giincii 02
7.	Hayiluu Fayyisaa	Dhi	61	Qotee bulaa	Dandii	Jawwee burii
8.	Daraaraa Dhugumaa	Dhi	79	Qotee bulaa	Dandii	Jawwee burii
9	Raggaasaa Gonfaa	Dhi	85	Qotee bulaa	Dandii	Jawwee burii


Dabalee “E”

Ibsa suurawwan garaagaraa qorannoo keessatti fudhataman

Shawaa Dhihaa Oromiyaa keessatti



Dandi godina Shawaa Dhihaa keessatti



Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta’u isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuunvarsitii kamiyyuu keessatti kan hindhihaannee ta’usaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbisee hunda isaani wabii keessa kaa’uu koo mallattoo kootiinan mirkaneessa.

Maqaa Qorataa_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____

Anis Dr Taaddasaa Jaalataa barataan kun hojiin isaa ofittisuuf dhiyaachu danda’u isaa mallattoo kootiin mirkansseera.

Maqaa Gorsaa_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____